




HERREGA

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 3



HERREGAA

KITAABA BARATTOOTAA

KUTAA 3

Qopheessitoonni

Bortolaa Tashoomaa

Simmeny Tasammaa

Gulaaltonni

Tasfaayee Guddataa

Taaddasaa Raggaasaa

Madaaltonni

Xilaahun Alamuu

Isheetuu Tufaa

Alamuu Kumsaa

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu



© Biirroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biirroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Roobeetiin bara 2014/2024 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biirroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BOQONNAA 1: LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000TTI

JIRANIIFI TARTIIBA ISAANII1

1.1	Keessa Deebii Lakkoofsa Hundaa Hamma 1000tti Jiran.....	1
1.2	Shallaggii Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran.....	5
1.3	Baay’attoota 100 Fi 1,000 Kanneen Hamma 10,000tti Jiran	7
1.4	Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000tti Jiran	9
1.5	Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000tti Jiran Wal Madaalchisuufi Tartiibessuu.....	11

BOQONNAA 2: IDA’UU FI HIR’ISUU LAKKOOFSA HUNDAA

HAMMA 10,000TTI.....16

2.1	Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000tti Jiran Ida’uu.....	16
2.2	Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000tti Jiran Hir’isuu.....	21
2.3	Pirobileemota Jechaa Qabatamaa Ta’an Ida’uufi Hir’isuu	25

BOQONNAA 3: BAAY’ISUU LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA

1000TTI.....28

3.1	Baay’attoota 100 Lakkoofsa Dijitii 1’n Baay’isuu	28
3.2	Lakkoofsota Hundaa Baay’ataan Isaanii 1000 Gadi Ta’e Lakkoofsa Dijitii 1’n	31
3.3	Pirobileemota Jechaa Baay’isuun Walqabatan.....	37



BOQONNAA 4: HIRUU LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 100.....38

4.1	Kessa Deebii Lakkoofsota Hundaa Hamma 100.....	38
4.2	Lakkoofsota Hundaa Hamma 20 Haftee Malee 2’f Hiruu.....	40
4.3	Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 2 Fi 10’f Hiruu	41
4.4	Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti 1’f Hiruu	44
4.5	Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 3’f, 4’f, 5’f, 6’f, 7’f, 8’f Fi 9’f Hiruu.....	45

4.6 Piroobileemota Jechaa Lakkoofsota Hundaan Hamma 100 Jiran Hiruu	52
BOQONNAA 5: SEENSA FIRAAKSHINOOTAA.....	54
5.1 Fakkeenya Beekamoofi Cimoo Waa'ee Walakkaa, Kurmaanaafi Siisoo Lakkoofsotaa Ibsan.....	54
5.2 Firaakshinoota Tokkee $\frac{1}{2}$ Hamma $\frac{1}{10}$ tti Jiran.....	55
5.3 Walakkootaa Fi Kurmaanota Lakkoofsota Hundaa	57
5.4 Firaakshinoota Walgitaa Agarsiisuu.....	58
BOQONNAA 6: PAATARNoota.....	61
6.1 Guddina Paatarnootaa Adda Baasuu.....	61
6.2 Fakkii Guddina Paatarnii Itti Fufsiisuu	64
6.3 Miseensota Fagoo Paatarnoota Deddeebi'oofi Guddachaa Jiran Tilmaamuu....	65
6.4 Piroobileemota Paatarniin Walqabatan.....	66
BOQONNAA 7: QABANNAA DAATAA.....	69
7.1 Giraafota Fakkiiwwanii.....	69
7.2 Giraafota Fakkii Dubbisuu fi Ibsuu.....	72
BOQONNAA 8: DANAALEE JI'OOMEETIRII.....	75
8. 1 Hojiirra Oolmaa Dalga Fuggifamaa, Sochoosuufi Naannessuu Varteeksota Danaalee Hubachuu.....	75
8.2 Boca Sarara Saayimeetiriikiifi Al-Saayimeetriikii.....	79
8.3 Maqaa Danaalee Ji'oomeetirikaawaa Adda Addaa Baay'ina Rogaatiin Adda Baasuu.....	81
8.4 Amaloota Danaalee Ji'oomeetirikii Himuufi Irradeebi'uun Qindeessuu.....	85
BOQONNAA 9: SAFARA DHEERINAA, HANGAAFI QABEE.....	88
9.1 Dheerina Miliimeetiraan (mm), Santiimeetiraan (cm), Meetiraafi Kiiloometiraan (km) Safaruu.....	88
9.2 Ida'uufi Hir'isuu Yuunitoota Walfakkaatoo Dheerinaa Qaban	91
9.3 Safara Hangaa Miliigiraamii, Giraamii, Kiiloogiraamiifi Kuntaalaan Safaruu.....	92

9.4	Ida'uufi Hir'isuu Yuunitoota Hangaa Walfakkaatoo qaban.....	95
9.5	Safaroota Qabee Miliiliitiriifi Liitirii.....	96
9.6	Ida'uufi Hir'isuu Yuunitoota Walfakkaatoo Qabee.....	97
9.7	Pirobileemota Jechaa Qabatamaa safara Dheerinaa, Hangaafi Qabee.....	98
	BOQONNAA 10: SHARAFa ITIYOOPHIYAA	100
10.1	Yuuniitota Sharafaa Jijjiiruu.....	100
10.2	Pirobileemota Jechaa Qabatamaa Sharafa Itiyoophiyaa Fayyadamuun Furuu.....	104
	BOQONNAA 11: SAFARA YEROO ITHIYOOPHIYAA.....	107
11.1	Sa'aatii Dubbisuu	107
11.2	Sa'aatiifi Daqiiqaa.....	109
11.3	Guyyaa, Torban, Ji'aafi Waggaa	111
11.4	Kalaandarii Itiyoophiyaa Salphaa	112
11.5	Pirobileemii Jechaa Qabatamaa Safara Yeroo Kan Itiyoophiyaa Fayyadamuun.....	113

BOQONNAA**1**

		
Dhibboota	Kumoota	Tokkeewwan
4	3	5

LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA



10,000 JIRANIIFI TARTIIBA ISAANII

1.1 Keessa Deebii Lakkoofsota Hundaa Hamma 1000

Jiran

Gocha 1.4

Dhibboota, kurnootaafi tokkeewwan moodeela kiyuubii armaan gadii lakkaa'ii adda baasi.



			
Tokkeewwan 10	= kurnee 1	Kurnoonni 10	= Dhibba 1

Fakkeenya 1

Dhibboota, Kurnootaafi tokkeewwan meeqa qaba?					
1.			2.		
Dhibboota	Kurnoota	Tokkee	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
4	4	7	3	5	6
400	40	7	300	50	6

Fakkeenya 2

Lakkoofsi abaakaasiin agarsiifame meeqa?

Lakkoofsi abaakaasiin agarsiifame meeqa?							
a.				b.			
	Gatii bakkaa dhibbaa	Gatii bakkaa kudhanii	Gatii bakkaa tokkee		Gatii bakkaa dhibbaa	Gatii bakkaa kudhanii	Gatii bakkaa tokkee
	Dhibboota 4, kurnoota 3 fi tokkeewwan 4 argatta. Kunis, $400 + 30 + 4 = 434$				Dhibboota 3, kurnoota 4 fi tokkeewwan 3 argatta. Kunis, $300 + 40 + 3 = 343$		

Fakkeenya 3

1. Kanneen armaan gadii lakkoofsaan barreessi.

a. Dhibba torbaafi kudha saddeet	b. Dhibba shaniifi sagal.
$700 + 10 + 8 = 718$	$500 + 9 = 509$
c. Dhibba sagaliifi jaatamii saddeet.	d. Dhibba jahaafi sagaltamii afur.
$900 + 60 + 8$	$600 + 90 + 4$
$900 + 60 + 8 = 968$	$600 + 90 + 4 = 694$

2. Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.

a. 752

b. 904



Furmaata



a. 752 = Dhibba torbaafi shantamii lama.

b. 904 = Dhibba sagaliifi afur.



Gilgaala 1.1



1. Lakkoofsa moodeela kiyuubiin agarsiifame isa sirrii ta'etti mari.

a.	b.
	
532 352 325	511 115 151

c.	d.
	
443 434 344	523 235 532

2. Lakkoofsa baay'ina abaakasii jalatti kennaman ibsuu danda'u keessa filadhu.

a.	 Gatii bakkaa dhibbaa Gatii bakkaa kudhanii Gatii bakkaa tokkee 745 547 457	b.	 Gatii bakkaa dhibbaa Gatii bakkaa kudhanii Gatii bakkaa tokkee 465 546 645
----	---	----	--

c.	 Gatii bakkaa dhibbaa Gatii bakkaa kudhanii Gatii bakkaa Tokkee 587 857 758	d.	 Gatii bakkaa dhibbaa Gatii bakkaa kudhanii Gatii bakkaa tokkee 516 506 56
----	--	----	--

3. Lakkoofsaan barreessi.

a. Dhibboota 9 kurnoota 6 tokkeewwans 6 b. Dhibba sadiifi torbaatamii ja'a

c. Dhibba sadiifi torbaatama d. Dhibba saddeetiifi afur.

4. Lakkoofsota armaan gaditti kennaman jechaan barreessi.

a. 649 b. 799 c. 859 d. 812

5. Lakkoofsota armaan gadii diddiriirsuun barreessi.

a. 527 b. 578 c. 643
d. 916 e. 999 f. 456

1.2 Shallaggii Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran

A. Lakkoofsota Dijiitii Lamaa Ida'uu

Fakkeenya 4

a. 52 fi 45 walitti ida'i.		b. 57 fi 35 walitti ida'i.	
Jalqaba tokkeewwan ida'i	Itti aansuudhaan kurnoota ida'i	Tokkee ida'i (Tokko hambifannaa)	Itti aansuu Kurnoota ida'i
$\begin{array}{r} 52 \\ + 45 \\ \hline 7 \end{array}$ $2+5=7$	$\begin{array}{r} 52 \\ + 45 \\ \hline 97 \end{array}$ $5+4=9$ $52 + 45 = 97$	$\begin{array}{r} 1 \\ 57 \\ + 35 \\ \hline 2 \end{array}$ $7+5=12$ $12 = \text{kurnee 1 fi tokkee 2}$	$\begin{array}{r} 1 \\ 57 \\ + 35 \\ \hline 92 \end{array}$ $1+5+3=9$ $57 + 35 = 92$

Gilgaala 1.2

1. Firii ida'aamtoota armaan gadii barbaadi.

a. $\begin{array}{r} 47 \\ \pm 31 \end{array}$	b. $\begin{array}{r} 66 \\ \pm 19 \end{array}$	c. $\begin{array}{r} 39 \\ \pm 36 \end{array}$	d. $\begin{array}{r} 80 \\ \pm 68 \end{array}$	e. $\begin{array}{r} 53 \\ \pm 78 \end{array}$
f. $\begin{array}{r} 59 \\ \pm 40 \end{array}$	g. $\begin{array}{r} 75 \\ \pm 18 \end{array}$	h. $\begin{array}{r} 49 \\ \pm 65 \end{array}$	i. $\begin{array}{r} 44 \\ \pm 46 \end{array}$	j. $\begin{array}{r} 88 \\ \pm 39 \end{array}$

2. Mana barumsaa tokko keessa barsiisota dhiiraa 25 fi dubara 17tu jira. Walumatti barsiisota meeqatu jira?

3. Abdataan qarshii 82 qabu irratti abbaan isaa immoo qarshii 60 yoo itti dabaleef walitti qarshii meeqa ta'aaf?

B. Lakkoofsota Dijiitii Lamaa Hir'isuu

Fakkeenya 5

Obbo Qajeelaan biqiloota bunaa 68 dhaaban. Biqiloota bunaa kana keessaa 12 yoo gogan meeqatu qabateef?

Furmaata

Tokkee walirraa hir'isi	Itti aansuudhaan kurnoota hir'isi
$\begin{array}{r} 68 \\ - 12 \\ \hline 6 \\ 8 - 2 = 6 \end{array}$	$\begin{array}{r} 68 \\ - 12 \\ \hline 56 \\ 6 - 1 = 5 \\ 68 - 12 = 56 \end{array}$



Kanaafuu, biqilootni bunaa qabataniif 56 ta'u.

Fakkeenya 6

Mana barumsaa tokko keessatti barattootni 85 qorumsa naannoo kuta a 8^{ffaa} qoramanii barattoonni 19 kufan. Baay'inni barattoota darbanii meeqa?

Tokkee wal irraa hir'isuuf kan jiru ga'aa miti	Kurnee 1 liqeeffadhu. Kurnee 1+ tokkeewwan 5 = tokkeewwan 15. Kurnoota 7 fi tokkeewwan 15 qabda.	Tokkeewwan walirraa hir'isi.	Kurnoota walirraa hir'isi
$\begin{array}{r} 85 \\ - 19 \\ \hline ? \\ 5 - 9 = ? \end{array}$	$\begin{array}{r} 85 \\ - 19 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} 85 \\ - 19 \\ \hline 6 \\ 15 - 9 = 6 \end{array}$	$\begin{array}{r} 85 \\ - 19 \\ \hline 66 \\ 7 - 1 = 6 \end{array}$

85 - 19 = 66. Kanaafuu, baay'inni barattoota darbanii 66 dha.

Gilgaala 1.3

1. Firii hir'isuu armaan gadii barbaadi.

a.	65	b.	87	c.	78	d.	88	e.	66
	-17		-70		-39		-17		-45
f.	86	g.	49	h.	43	i.	61	j.	62
	-14		-35		-13		-49		-53

2. Namootni 47 dhibee COVID-19 qoratamanii namoota 33 irratti dhibeen kun mul'ate. Baay'inni namoota dhibee kana irraa bilisa ta'an meeqa?

3. a. 67 meeqaan 37 caala?

b. 68 meeqaan 76 gadi ta'aa?

C. Lakkoofsota Dijiitii Lamaa Baay'isuu

Lakkoofsota Hundaa 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9 fi 10'nin Baay'isuu

Fakkeenya 7: Firii baayyataa armaan gadii barbaadi.

a. $2 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$ b. $3 \times 18 = \underline{\hspace{2cm}}$ c. $4 \times 12 = \underline{\hspace{2cm}}$ d. $5 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

e. $6 \times 15 = \underline{\hspace{2cm}}$ f. $7 \times 11 = \underline{\hspace{2cm}}$ g. $8 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$ h. $9 \times 11 = \underline{\hspace{2cm}}$

Furmaata

a. $2 \times 10 = 10 + 10 = 20$

b. $3 \times 18 = 18 + 18 + 18 = 54$

c. $4 \times 12 = 12 + 12 + 12 + 12 = 48$

d. $5 \times 10 = 10 + 10 + 10 + 10 + 10 = 50$

e. $6 \times 15 = 15 + 15 + 15 + 15 + 15 + 15 = 90$

f. $7 \times 11 = 11 + 11 + 11 + 11 + 11 + 11 + 11 = 77$

g. $8 \times 9 = 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 = 72$

h. $7 \times 11 = 11 + 11 + 11 + 11 + 11 + 11 + 11 = 99$

Gilgaala 1.4

1. Firii baay'isuu armaan gadii bakka duwwaa kenname irratti guuti.

a. $3 \times 25 = \underline{\hspace{2cm}}$ b. $7 \times 14 = \underline{\hspace{2cm}}$ c. $4 \times 24 = \underline{\hspace{2cm}}$ d. $8 \times 12 = \underline{\hspace{2cm}}$

e. $5 \times 13 = \underline{\hspace{2cm}}$ f. $9 \times 8 = \underline{\hspace{2cm}}$ g. $6 \times 15 = \underline{\hspace{2cm}}$ h. $10 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

2. Gatiin qubeessaa tokkoo qarshii 5 yoo ta'e, qubeessonna 15 qarshii meeqaa?

3. Saanduqni tokko loomii 10 qabata. Saanduqni akkasii 10 loomii meeqa qabataa?

1.3 Baay'attoota 100 fi 1,000 Hamma 10,000 Jiran

A. Baay'attoota 100 hamma 10,000 tti jiran

Gocha 1.2

Baay'attoota 100 hamma 10,000 jiran tarreessi.

Fakkeenya 8

a. $1 \times 100 = 100$

b. $2 \times 100 = 300$

c. $3 \times 100 = 500$

d. $4 \times 100 = 200$

e. $5 \times 100 = 400$

f. $6 \times 100 = 600$

Fakkeeniyota kanarraa kan hubannu 100, 200, 300, 400, 500, ...baay'attoota 100 ti.

Hubadhu

Lakkoofsa hundaa tokko 100'n yoo baay'ifne, gatiin bakkaa tokkee fi gatiin bakkaa kurnee yeroo hundaa 0 ta'u.

Gilgaala 1.5

1. Himoota armaan gadii akkoofsaan barreessi.

a. Dhibba sagal

b. Dhibba jaha

c. Dhibba torba

d. Dhibba lama

e. Dhibba shan

2. Haala fakkeenya kennameen baay'ataa 100 tiin diddiriirsuudhan barreessi.

a. $300 = 3 \times 100$

b. 700

c. 500

d. 800

e. 400

f. 900

3. Dhibba meeqa qaba? Haala fakkeenya kennameen hojjedhu.

a. $500 = \text{Dhibba Shan}$

b. 300

c. 800

d. 700

f. 400

4. Jechaan barreessi.

a. 500

b. 600

c. 200

d. 700

e. 900

f. 800

5. Hojii tola ooltummadhaaf namoonni 9 qarshii dhibba dhibba walitti buufatan.

Walumaagala qarshii meeqa buufatan?

6. Caaltuun daldaltuu dha. Bu'aa argattu irraa guyyaatti qarshii 100 qusatti yoo ta'e torbanitti qarshii meeqa qusatti?

B. Baay'attota 1,000 hamma 10,000 tti jiran**Fakkeenya 9**

a. $1 \times 1,000 = 1,000$

d. $5 \times 1,000 = 5,000$

b. $4 \times 1,000 = 4,000$

e. $3 \times 1,000 = 5,000$

c. $2 \times 1,000 = 2,000$

f. $6 \times 1,000 = 6,000$

Fakkeenyaota kanarraa kan hubannu 1000, 2000, 3000, 4000, 5000 fi 6000 baay'attoota 1000 ti.

Hubadhu

Lakkoofsa hundaa tokko 1000'n yoo baay'ifne gatiin bakkaa tokkee, gatiin bakkaa kurneefi gatiin bakkaa dhibbaa yeroo hundaa 0 ta'a.

Gilgaala 1.6

1 Himoota armaan gadii akkoofsaan barreessi.

a. kuma jaha

b. Kuma saddet

c. Kuma sadii

d. kuma torba

e. kuma afur

f. kuma shan

2. Jechaan barreessi.

a. 7000

b. 8000

5. 6000

d. 3000

e. 6000

f. 9000

3. Obbo Dirribaan ji'a ji'aan qarshii 1,000 qusatu yoo ta'e, ji'a sagalitti qarshii meeqa qusatu?

4. Manni barumsaa tokko barattoota 1000 qaba. Dhuma waggaatti barataan tokko biqiloota torba yoo dhaabe, waliigala biqiloota meeqatu dhaabate?

1.4 Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000 tti Jiran

Gocha 1.3

1. Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsaan diddiriirsuudhaan barreessi.

a. 45

b. 324

c. 8219

2. Kanneen armaan gadii lakkoofsaan barreessuun dubbisi.

a. Kurnee tokkoofi tokkeewwan torba.

b. Dhibboota torba, kurnoota torbaafi tokkeewwan torba.

c. Kumoota torba, dhibboota jaha, kurnoota jahafi tokkeewwan lama.

Fakkeenya 10

Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsaan diddiriirsuudhaan barreessi.

- a.** 86 **b.** 573 **c.** 3987

Furmaata

- a.** $86 = 8 \times 10 + 6 \times 1$
b. $573 = 5 \times 100 + 7 \times 10 + 3 \times 1$
c. $3987 = 3 \times 1000 + 9 \times 100 + 8 \times 10 + 7 \times 1$

Yaadannoo

Lakkoofsa 3,987 keessatti:

- Lakkoofsi 3 bakka kumaati. Kanaafuu, 3000 gatii bakkaati.
- Lakkoofsi 9 bakka dhibbaati. Kanaafuu, 900 gatii bakkaati.
- Lakkoofsi 8 bakka kurneeti. Kanaafuu, 80 gatii bakkaati.
- Lakkoofsi 7 bakka tokkeeti. Kanaafuu, 7 gatii bakkaati.

Gilgaala 1.7

1. Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsotaan diddiriirsuudhaan barreessi.

- a.** 49 **b.** 756 **c.** 1209 **d.** 8623

2. Kanneen armaan gadii lakkoofsaan barreessi.

- a.** Dhibboota 8 kurnoota 4 fi tokkeewwan 9
b. Dhibboota 6 kurnoota 0 fi tokkeewwan 0
c. Kumoota 7 dhibboota 2 kurnoota 8 fi tokkeewwan 1

3. Himoota armaan gaditti kennaman lakkoofsaan barreessuun dubbisi.

- a.** Kuulaniin qarshii dhibba torbaa fi sagaltamaan huccuu bitatte.
b. Mana barumsaa Gadaa keessa baay'inni barattootaa dhibba sagaliifi shantamii sagali dha.
c. Sanbateen lukkuu afur gabaa baastee qarshii dhibba sagalii fi sagaltamii ja'atti gurguratte.

4. Lakkoofsota himoota armaan gadii keessatti ibsaman dijiitotaan barreessii dubbisi.

- a. Dhibeen COVID-19 bara kuma lamaafi kudha lama biyya chaayinaa keessatti mul'ate.
 - b. Manni barumsaa tokko kitaabilee wabii kuma sadii fi dhibba lamaa fi shantama al tokkotti bite.
 - c. Arfaaseen hoolota afur kuma saddeetiifi dhibba lamatti gurguratte.
5. Gabatee armaan gadii keessatti gatii bakkaa lakkoofsa kennamee guuti.

Lakkoofsa	Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
4672				
5404				
8540				
9831				

6. Gatiin bakkaa lakkoofsa jala sararamee meeqa?
- | | | |
|-------------------|-------------------|------------------|
| a. 4, <u>8</u> 51 | b. 7,4 <u>6</u> 5 | c. <u>4</u> ,985 |
| d. 9,98 <u>7</u> | e. 3, <u>0</u> 84 | f. <u>1</u> ,649 |

- a.** 4,851 **b.** 7,465 **c.** 4,985
- d.** 9,987 **e.** 3,084 **f.** 1,649

1.5 Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000 Jiran


Wal Madaalchisuufi Tartiibessuu

A. Dursaafi itti fufaa

Fakkeenya 11

Lakkoofsi tokkoon 517 gadi ta'e 516. Sababni isaas $516 = 517 - 1$


Lakkoofsi tokkoon 517 ol ta'e 518. Sababni isaas $518 = 517 + 1$.



Hubadhu

1. Lakkoofsa hundaa ‘a’ zeeroo hin ta’in kamiifuu ‘a-1’ lakkoofsa dursaa ‘a’ ti.
2. Lakkoofsa hundaa ‘a’ ta’e kamiifuu ‘a + 1’ lakkoofsa itti fufaa ‘a’ ti.

Xiyyoota lakkoofsa armaan gadii ilaaluudhaan fakkeenyaota kennaman qayyabadhu.



Gilgaala 1.8

Lakkoofsota armaan gaditti kennamaniif dursaa fi itti fufaa isaanii bakka duwwaatti guuti.

	Dursaa	Lakkoofsota	Itti fufaa
a		367	
b		732	
c		659	
d		8993	
e		9307	

B. Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000 Jiran Walmadaalchisuu

Gocha 1.4

Lakkoofsota armaan gadii walmadaalchisi?

- a.** 1564 fi 145 keessaa kamtu irra guddaadha?
- b.** 3259 fi 3167 keessaa kamtu irra xiqqaadha?

Fakkeenya 12

1. Lakkoofsa 4869 fi 799 walmadaalchisi.

Furmaata

Lakkoofsi 4869 lakkoofsa 799 ni caala. Sababni isaas 4869 dijiitii afur qaba garuu, 799 dijiitii sadii qabaata.

Kanaafuu, $4869 > 799$ yookaan $799 < 4869$ ta'a.

Hubadhu

Baay'ina dijiitotaatiin inni caalu yeroo hunda isa guddaa dha.

2. Lakkoofsa 9814 fi 9358 walmadaalchisi.**Furmaata**

Lakkoofsa	Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
9814	9	8	1	4
9358	9	3	5	8

9 = 9 garuu, 8 > 3 waan ta'eef 9814 > 9358

Yaadannoo

Lakkoofsota dijiitii walqixa qaban yeroo walmadaalchiftu, dura gatii bakkaa isa guddaarraa jalqabi (bitaarraa gara mirgaatti). Dijiitonni gatii bakkaa isa guddaarratti argaman yoo walqixa ta'an, gatii bakkaa isa itti aanu irra warra jiran walmadaalchisi. Akkasumas, haaluma walfakkatuun hamma dhumaatti itti fufuudha.

Gilgaala 1.9

1. Mallattoo '<', '>' yookiin '=' tti gargaaramuun walmadaalchisi.

a. 2,634 1,789

b. 2,105 2,119

c. 4,703 998

d. 7,209 6,209

e. 6,543 6,534

f. 4,589 4,588

2. Daldalaan tokko qamadii waggoota shaniif akkaataa gabatee armaan gadii irratti agarsiifametti gara biyya alaatti ergee jira.

Bara ergame	2001	2004	2007	2010	2013
Baay'ina qamadii kuntaala ergamee	3,674	4,583	3,700	1,864	5,689

a. Bara isa kam qamadii kuntaala baay'ee erge?

b. Bara isa kam qamadii kuntaala xiqqaa erge?

c. Bara 2001 fi bara 2007 keessaa bara kam caalaa erge?

C. Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000 Jiran Tartiibessuu

Fakkeenya 13

- a. lakkoofsota kennaman xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.

1369, 3657, 4281, 3979

Furmaata: $1369 < 3657 < 3979 < 4281$

Kanaafuu, xiqqaa irraa gara guddaatti yommuu tartiibessinu; 1369, 3657, 3979, 4281 ta'a.

- b. Guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi. 6745, 2345, 6899, 7658, 7586

Furmaata: $7658 > 7586 > 6899 > 6745 > 2345$

Kanaafuu, guddaa irraa gara xiqqaatti yommuu tartiibessinu; 7658, 7586, 6899, 6745, 2345 ta'a.

Gilgaala 1.10

1. Lakkoofsota armaan gadii xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.

a. 446, 492, 756, 919, 486, 502

b. 1469, 1909, 2878, 1999

c. 492, 657, 482, 575, 209

d. 5440, 4634, 8567, 8398

2. Lakkoofsota armaan guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.

a. 250, 87, 376, 567

b. 8690, 4573, 7481, 9409, 7 001

c. 489, 768, 497, 658

d. 6205, 6313, 6009, 6 001, 6099

3. Gabatee kenname hordofuun gaaffilee a - g jiran deebisi. Olka'iinsa gaarreen gurguddoo biyya keenya keessa jiran.

Maqaa Gaarreenii	Calalaqaa	Wancii (Dandii)	Inxooxxoo (Dildila)	Cuqqaalaa	Waayyuu	Maal guddoo
Olka'iinsa (Meetiraan)	3571	3387	3211	2989	3230	3390

- a. Dheerina gaarreen gabatee keessatti kennaman guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.

- b. Gaarreen kennaman keessaa inni baay'ee ol ka'aan isa kami?

- c. Olka'iinsaan 3^{ffaa} kan ta'e isa kami?
- d. Olka'insaan inni baay'ee xiqaan isa kami?
- e. Gaara Cuqqaalaafi Waayyu keessaa kamtu caalaa olka'aa dha?
- f. Gaara Waayyuufi Maalguddoo keessaa kamtu irra gabaabaa dha?
- g. Gaarri dheerinaan Waayyuufi Cuqqaalaa gidduutti argamu kami?

BOQONNAA

2

$$340+123$$

$$542-234$$

$$+ - =$$

IDA'UUFU HIR'ISUU LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 10,000 TTI

2.1 Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000 tti Jiran Ida'uu

Hiikoo

Ida'uun: Walitti dabaluu lakkoofsotaati. Lakkoofsonni walitti ida'aman

ida'amtoota jedhamu. Deebiin argamu immoo **ida'ama** jedhama.

Fakkeenya 1

Ida'i:

$$\begin{array}{r} 340 \\ +123 \\ \hline 463 \end{array} \begin{array}{l} \left. \vphantom{\begin{array}{r} 340 \\ +123 \\ \hline 463 \end{array}} \right\} \text{Ida'ama} \\ \rightarrow \text{Ida'amtoota} \end{array}$$

2.1.1 Keessa Deebii Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Dijiitii Tokkoofi Dijiitota Lama Qabanii

Gocha 2.1

Galgaleen abaaboo 27 qabdi. Hiriyyaan ishee Biliseen abaaboo 65 itti dabalteef.

Galgaleen abaaboo meeqa qabdi?

Fakkeenya 2

2 + 9 lakkoofsota addaan gartokkeessuufi gareessuu kudhaniin ida'i.

Furmaata

$$2 + 9 = 1 + 1 + 9 = 1 + 10 = 11.$$

Fakkeenya 3

Gatii mana lakkoofsaa fayyadamuun irraa gadee ida'i, 14 + 22.

Furmaata

Kiyuubota fayyadamuun gatii mana lakkoofsaan irraa gadee ida'uu.

Gatii mana kudhanii	Gatii mana tokkee
14	22
36	6

Ida'uu kurnee fi tokkeewanii

Gatii mana lakkoosa isaaniin lakkoofsota irraa gadee barreessuu.

Lakkoofsota mana tokkeefi mana kurnee ida'uu.

1 + 2 = 3

4 + 2 = 6

Fakkeenya 4

Gadaan Mana barumsaa isaatiif kitaabilee Afaan Oromoo 37, Afaan Ingilizii 25 fi Herregaa 10 bitee tola ooltummaan gumaache. Gadaan waliigala kitaabilee meeqa gumaache?

Furmaata

Kan kenname: Baay'ina Kitaabilee;

$$\text{Afaan Oromoo} = 37$$

$$\text{Afaan Ingiliizii} = 25$$

$$\text{Herrega} = 10$$

Kan barbaadamu: Baay'ina waliigalaa kitaabilee Gadaan gumaache

Shallaggii: Kitaaba Afaan Oromoo + Kitaaba Afaan Ingilizii + Kitaaba Herrega

$$37 + 25 + 10 = 72 \text{ ta'a.}$$

Waliigala gumaachi Gadaan mana barumsaa isaaf taasise kitaabilee 72 ta'a.

Gilgaala 2.1

1. Firii ida'amtoota armaan gaditti kennamanii barbaadi.

a. $16 + 13$ b. $55 + 37$ c. $42 + 28$ d. $56 + 27$ e. $47 + 24$

2. Kutaa tokko keessa barattoota dubaraa 36 fi dhiira 25tu jiru. Kutaa kana keessa

baay'inni barattoota jiranii meeqa?

3. Fakkeenya hojjetame hordofuun bakka duwwaa gabatee armaan gadii guuti.

a	23	75	30	48	37
b	42	20	46	22	65
a + b	65				

2.1.2 Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Dijitii Sadii Qabanii

Gocha 2.2

Firii ida'amtoota armaan gaditti kennamanii barbaadi.


a. $317 + 152$ b. $263 + 728$ c. $278 + 556$ d. $488 + 436$ e. $2815 + 6556$

1. Gatii bakka lakkoofsotaatti fayyadamuun Ida'uu.

Fakkeenya 5

Kaleessa bu'aan koo qarshii 215. Har'a immoo qarshii 143. Waliigala kaleessaafi har'atti qarshii meeqan buufadhe?

Furmaata: $215 + 143 = ?$ Kuubotatti fayyadamuun gatii mana lakkoofsaan irraa gadee ida'uu.



2. Irraa gadee ida'uu

Akkuma lakkoofsota dijiitii 2 irraan gadee idaate lakkoofsota dijiitii 3 qabanis walitti ida'uu dandeessa. Fakkeenya armaan olitti hubatte kan hambifannaa hin qabne gabatee kana ilaali.

	2	1	5
+	1	4	3
	3	5	8

Fakkeenya 6

Gaaffilee armaan gadii irraa gadee ida'i .

a. $146 + 537$

b. $473 + 281$

Furmaata

- a. $146 + 537$, hambifannaa gatii bakkaa tokkee irraa kan qabudha.

	1	4	6
+	5	3	7

→

	1	4	6
+	5	3	7
	6	8	3

$6 + 7 = 13$, 3 barreessi 1 ol kaa'ii, gatii bakka 10 tti ida'i.

Kanaafuu, $146 + 537 = 683$ ta'a.

Furmaata

- b. $473 + 281$, hambifannaa gatii bakkaa kurnee irraa kan qabudha.

	4	7	3
+	2	8	1

→

	4	7	3
+	2	8	1
	7	5	4

$7 + 8 = 15$, 5 barreessi 1 olkaa'ii, gatii bakka 100 tti ida'i.

Kanaafuu, $473 + 281 = 754$ ta'a.

Gilgaala 2.2

1. Ida'uu armaan gadii shallagi.

a.

	5	0	8
+	3	7	1

b.

	2	8	0
+	6	3	8

c.

	6	1	8
+	3	5	2

d.

	1	9	3
+	4	6	9

2. Kanneen armaan gadii ida'uun bakka duwwaa guuti.

a. $341 + 282 + 172 = \underline{\hspace{2cm}}$ b. $208 + 121 + 560 = \underline{\hspace{2cm}}$ c. $143 + 92 + 233 = \underline{\hspace{2cm}}$

d. $160 + 308 + 940 = \underline{\hspace{2cm}}$ e. $172 + 122 + 400 = \underline{\hspace{2cm}}$ f. $234 + 256 + 175 = \underline{\hspace{2cm}}$

3. Aadde Iftuun Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatti ji'a Fulbaanaatti qarshii 295, ji'a onkoloolessatti immoo qarshii 750 qusatan. Aadde Iftuun ji'oota lamaan kanatti qarshii meeqa qusatan?

4. Bakka duwwaa gabatee armaan gadii guuti

a	123	755	230	548	271
b	342	200	467	121	656
a + b					

2.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000 tti Jiran Hir'isuu

Hiikoo

Hir'isuu: Jechuun garaagarummaa lakkoofsota lama gidduu jiru barbaaduu jechuu dha. Lakkoofsi irraa hir'ifamu **hir'ataa**, lakkoofsi hir'isu immoo **hir'isaa** jedhama. Deebiin isaa immoo **caalmaa** jedhama.

Fakkeenya 7

58	→	hir'ataa
- 32	→	hir'isaa
26	→	caalmaa

Kanaafuu, $58 - 32 = 26$ ta'a.

2.2.1 Hir'isuu Lakkoofsota Hundaa Dijiitii Sadii

Gocha 2. 3

Kutaa sadaffaa keessa barattoota 435 fi kutaa afraffaa keessa immoo 323 jira.

Caalmaa baay'ina barattoota kutaa lamaan gidduu jiruu barbaadi.




1. Liqeeffannaa malee hir'isuu


Fakkeenya 8

Jiituun qarshii 328 qabatee gabaa baate. Qarshii 215 baasii goote. Qarshiin harka isheetti hafe meeqa?

Furmaata

Kiyuubota gargaaramuun gatii mana lakkoofsaan hir'isuu. Bifa kanaan hir'isuuf lakkoofsota bakka lakkoofsaa walfakkaataa qaban walirraa hir'isaa deemuu dha.

Gatii bakka dhibbootaa	Gatii bakka kurneewwanii	Gatii bakka tokkeewwanii
 3	 2	 8
$328 - 215$, hir'isuuf lakkoofsota bakka lakkoofsaa walfakkaataa qaban walirraa hir'isaa deemuu dha.		
Gatii bakka dhibbootaa	Gatii bakka kudhanii	Gatii bakka tokkee



Kanaafuu, $328 - 215 = 113$ ta'a jechuu dha.

2. Irraa gadee yoo hirr'iste

	3	2	8
-	2	1	5
	1	1	3

$3 - 2 = 1$

$2 - 1 = 1$

$8 - 5 = 3$

Fakkeenya 9

$768 - 534$, Irraa gadee hirr'isi.

Furmaata

$768 - 534$, liqeffannaa hin qabu.

	7	6	8
-	5	3	4

	7	6	8
-	5	3	4
	2	3	4

$7 - 5 = 2$

$6 - 3 = 3$

$8 - 4 = 4$


$768 - 534$, liqeffannaa hin qabu.

2. Liqeeffanaa kan qaban hir'isuu

Fakkeenya 10


692 – 458, Irraa gadee hir'isi.

Furmaata: 692 - 458, Kurneerraa 1 liqeeffanna.



Fakkeenya 11: 425 – 286, Irraan gadee hir'isi.

Furmaata: 425 – 286, dhibboota irraa 1 kurnee irraatti fi kurnee irraa 1 tokeewwan irratti liqeeffana.



Kanaafuu, $425 - 286 = 139$

Gilgaala 2.3

1. Firii caalmaa hir'isuu armaan gadii barbaadi.

- a. 967 b. 742 c. 458 d. 264 e. 6879
 - 852 - 621 - 213 - 52 - 2436

2. Firii caalmaa hir'isuu armaan gadii liqeeffannaadhaan barbaadi.

- a. 327 b. 426 c. 3144 d. 534 e. 6255
 - 118 - 207 - 1052 - 245 - 4167

3. Kuulleefi Hordofaan Lukkuu horsiisu. Lukkuuwwan 320 horsiisan keessaa 135 gurguratan. Lukkuuwwan meeqatu isaaniif hafe?
4. Gabatee armaan gadii guuti.

a	240	300	657	878	792
b	27	130	409	8	448
a - b					

2.3 Pirobileemota Jechaa Qabatamaa Ta'an Ida'uufi Hir'uu

Kutaa kana keessatti kan ilaallu pirobileemota jechaa kan jiruufi jireenya dhala namaa waliin walqabatan kan itti furru ta'a. Pirobileemota jechaa furuu danda'uun barbaachisaaf kaayyoo barnoota herregaa dagatamuu hin qabnee dha.

Fakkeenya 12

Warshaan kophee oomishu tokko bara 2012tti kophee 4600 oomishe. Akkasuma bara 2013tti immoo kophee 5200 oomishee gabaaf dhiyeesseera.

- Waggoota lamaan kana keessatti baay'inni oomisha kophee isaa meeqa?
- Caalmaan oomisha kophee bara 2012 fi bara 2013 meeqa?

Furmaata

Kan kenname: bara 2012 kophee 4600 fi bara 2013 kophee 5200 oomishe.

Kan barbaadame: Waggoota lama keessatti baay'ina kophee oomishamaniifi garaagarummaa oomisha kophee bara 2012 fi bara 2013

Kanaafuu, a. $4600 + 5200 = 9800$ ta'a. b. $5200 - 4600 = 600$ ta'a.

Fakkeenya 13

Manni barumsaa tokko waggaa jalqabaa deeskii 536 bite. Waggaa itti aanu deeskii 287 bite. Waggaa lamaan keessatti manni barumsaa kun deeskii meeqa bite?

Furmaata

Kan gaafatame: Waggaa lama keessatti deeskii bitame?

Kan kenname: Baay'ina deeskii waggaa jalqabaa bitame = 536.

Waggaa lammaffatti baay'ina deeskii bitame = 287.

Shallaggii: waggoota lamaan keessatti baay'ina deeskii bitamee?

Kanaafuu, waggoota lamaan keessatti baay'inni deeskota bitamanii, i da'ama baay'ina deeskota waggaa jalqabaafi waggaa lammaaffaa ta'a.

Kunis, $536 + 287 = 823$ ta'a.

Fakkeenya 14

Guyyaa ayyaana Fannoo Diimaa irratti kupponii galii argamsiisuu 5,672 qophaa'e keessaa 5,000tu gurgurame. Kupponiin osoo hin gurguramin hafe meeqa?

Furmaata

Kan gaafatame: Baay'ina kupponii hin gurguramin hafe?

Kan kenname: Baay'ina kupponii qopha'ee = 5,672.

Baay'ina kupponii gurgurame = 5,000.

Shallaggii: Baay'ina kupponii osoo hin gurguramin hafe argachuuf, baay'ina kupponii qophaa'e irraa baay'ina kupponii gurgurame hir'isna.

Kanaafuu, kupponii osoo hin gurguramin hafe: $5,672 - 5,000 = 672$ ta'a.

Gilgaala 2.4

Pirobileemota jechaa armaan gadii shallagi.

1. Odaan ganama ka'ee miilaan meetira 542 deeme. Isa booda immoo farda yaabbatee meetira 790 gulufe. Fageenya waliigala Odaan deeme barbaadi.
2. Hojicha kaleessa daqiiqa 210 keessattan xumure. Har'a garuu, xiyyeeffannaan koo waan dabaleef daqiiqa 110 keessatti xumure. Garaagarummaa yeroo har'aaf kaleessa gidduu barbaadi?
3. Xiyyaarri tokko yeroo balalii eegalutti boba'aa liitira 560 qaba. Deebiyee yeroo qubatutti boba'aa liitira 240 isa hafe yoo ta'e, Xiyyaarri kun boba'aa liitira meeqa fayyadame?

4. Torban jalqabaatti baay'inni daawwatoota waldorgommii kubbaa miilaa kilaboota lamaa daawwachuuf seenan 341 turan. Torban itti aanutti immoo 742tu daawwate yoo ta'e:
 - a. Caalmaa baay'ina dawwatootaa torban lamaan gidduu jiru barbaadi.
 - b. Baay'inni dawwatoota waliigalaa torban lama keessatti kubbaa miilaa dawwatanii meeqa?
5. Barattuun tokko Kitaaba fuula 240 qabu keessaa fuula 165 dubbiste. Fuula meeqatu ishee hafe?

BOQONNAA

3

$$4+200$$

$$5+5+5+5$$

$$141 \times 8$$

**BAAY'ISUU LAKKOOFSA HUNDAA
HAMMA 1000 TTI**

3.1 Baay'attoota 100 Lakkoofsa Dijitii 1'n Baay'isuu

3.1.1 Keessa Deebii Baay'isuu Lakkoofsota Hundaa

Hiikoo

Baay'isuu: Jechuun ida'aama ida'amtoota walqixa ta'anii ti.

Gocha 3.1

1. Gabatee armaan gadii irratti fakkeenya 'a' ilaaluun b fi c guuti.

		
a. $4 + 4 + 4 + 4 = 16$ $4 \times 4 = 16$	b.	c.

2. Ida'amtoota armaan gadii baay'isuun ibsi.

a. $5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

b. $6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

c. $8 + 8 + 8 + 8 + 8 + 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

d. $9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

Fakkeenya 1

Fakkii saantima abbaa 5'nii armaan gadii afran irraa waliigalatti saantimoota meeqa arganna?

Furmaata: Saantima 20 arganna.

Kunis, $5 + 5 + 5 + 5 = 20$

Kanaafuu, $4 \times 5 = 20$




Fakkeenya 2

Ida'amni, $4 + 4 + 4 + 4 + 4 + 4$ ida'amtotoo walqixa ta'an 6 qaba.

Kanaafuu, ida'amni $4 + 4 + 4 + 4 + 4 + 4 = 6 \times 4 = 24$ ta'a.

Fakkeenya 3

Fakkii armaan gadii irratti kiniina meeqa akka jiru osoo hin lakkaa'in 3 baay'isuu 4 taasisuun argachuu dandeenya.



Kunis, $3 \times 4 = 12$ ta'a.

Gilgaala 3.1

1. Bakka duwwaa guuti.

a. $6 \times 7 = \underline{\hspace{1cm}}$ b. $7 \times 16 = \underline{\hspace{1cm}}$ c. $8 \times \underline{\hspace{1cm}} = 48$ d. $\underline{\hspace{1cm}} \times 6 = 24$ e. $56 = 6 \times \underline{\hspace{1cm}}$

2. Bunni 1kg qarshii 65'niin gurgurama. Bunni 9kg qarshii meeqaan gurgurama?

3. Gabateewwan iskuweeri baay'isuu armaan gadii guuti.

a.

×	4	8	9
4			
8	32		
9			

b.

×	3	6	7
3		18	
6			
7	21		

4. Gessoon tokko hanqaaquu 10 qabata. **Guboo** akkasii 3 hanqaaquu meeqa qabata?



Hanqaaquu **Guboo** keessa jiru

3.1.2 Lakkoofsota Hundaa Baay'attoota 100 Ta'an Lakkofsota Hundaa Dijiitii 1'n Baay'isuu

Gocha 3.2

1. Bakka duwwaa guuti.

a. $4 \times 200 = \underline{\quad}$ b. $2 \times 300 = \underline{\quad}$ c. $7 \times 100 = \underline{\quad}$ d. $3 \times 100 = \underline{\quad}$

2. Kanneen armaan gadii gatii bakka lakkoofsotaan diddiriisuun baay'isi.

a. 342 b. 823 c. 905

Fakkeenya 4

Siiniin tokko buna miliilitira 100 qabata. Odaan guyyaatti buna siinii sadii yoo dhuga ta'e miliilitira meeqa dhugee oola?



Furmaata

$3 \times 100 = 300$. Kanaafuu, buna miliilitira 300 dhuga jechuu dha.

Fakkeenya 5

Daldalaan tokko guyyaatti qarshii 200 buufatee oola. Guyyoota 5 keessatti qarshii meeqa buufata?

Furmata

$5 \times 200 = 1000$. Kanaafuu, qarshii 1000 buufata.

Gilgaala 3.2

1. Firii baay'isuu armaan gadii barbaadi.

- a. 100×3 b. 500×2 c. 4×200 d. 3×300 e. 2×100

2. Dhaabbanni horsiisa loon aannanii irratti bobba'e tokko guyyaatti aannan liitira 100 raabsa. Dhaabbanni kun guyyaa 10 tti aannan liitira meeqa raabsa?



3.2 Lakkoofsota Hundaa Baay'ataan Isaanii 1000 Gadi Ta'e Lakkofsa Dijitii 1'n Baay'isuu.

3.2.1 Lakkoofsa Dijitii Lamaa Lakkoofsa Dijitii 1'n Baay'isuu

Gocha 3.3

1. Firii baay'isuu armaan gadii barbaadi.

- a. 31×5 b. 28×7 c. 35×5 d. 47×3 e. 59×8

2. Kanneen armaan gadii irraa gadee baay'isuun firii isa kaa'i.

- | | | | |
|------------|------------|------------|------------|
| a. 63 | b. 54 | c. 16 | d. 27 |
| $\times 2$ | $\times 2$ | $\times 6$ | $\times 3$ |

A. Tooftaa Gatii bakkaa Lakkoofsotaan Diddiriirsuun

Baay'isuu

Fakkeenya armaan gadii fudhannee haa ilaallu.

1 × 3

Fakkeenya 1: 21×3 shallagi.

Furmaata

Gatii bakkaa lakkoofsotatti fayyadamuun 21 yoo ibsinu, gatiin bakkaa tokkee irraa 1fi gatii bakka kudhanii irraa 2 qabna. Kanaafuu, 1×3 fi 20×3 .

21×3	$1 \times 3 =$	3
	$20 \times 3 =$	60
	Waliigala	63

3 × 2 Saanduqoota 10'n

20 × 3 Saanduqoota 20 tuuta 3 qabna

Gilgaala 3.3

Kanneen armaan gadii gatii bakkaa mana isaaniitiin diddiriirsuun baay'isi.

- a. 33×3 b. 32×3 c. 97×8 d. 88×7 e. 89×9

B. Tooftaa Irraa Gadee Baay'isuu Hambifannaa Malee

Fakkeenya 6

21×3 , irraa gadee baay'isi.

Furmaata:

$$\begin{array}{r}
 21 \\
 \times 3 \\
 \hline
 3 \times 20 = 60 \\
 3 \times 1 = 3 \\
 \hline
 60 + 3 = 63
 \end{array}$$

Yookiin akka gabatee armaan gadii keessatti ibsameen baay'isuun ni danda'ama.

Mee 21×3 irraa gadee baay'isuu dandeenyu haa ilaallu.

	2	1			2	1			2	1				2	1
$\times$			3	$\rightarrow$	$\times$		3	$\rightarrow$	$\times$		3	$\rightarrow$	$\times$		3
							3				6	3			63

$1 \times 3 = 3$, 3 gatii bakkaa tokkeetti barreessuu.

$2 \times 3 = 6$, 6 gatii bakkaa kudhaniitti barreessuu.

Gilgaala 3.4

Kanneen armaan gadii irraa gadee baay'isuun firii isa kaa'i.

a. 34 b. 23 c. 42 d. 11 e. 41

$\times 2$ $\times 2$ $\times 2$ $\times 4$ $\times 5$

C. Tooftaa Irraan Gadee Baay'isuu Hambifannaa Qabanii**Fakkeenya 7**

13×7 , irraa gadee baay'isi.

Furmaata

Baay'isuu hambifannaa qabuu dha.

	1	3			1	3			1	3		
$\times$		7	$\rightarrow$	$\times$		7	$\rightarrow$	$\times$		7	$\rightarrow$	
	2	1			2	1			9	1		
					7							

$$\begin{array}{r}
 2 \\
 13 \\
 \times 7 \\
 \hline
 91
 \end{array}$$

Gilgaala 3.5

1. Kanneen armaan gadii irraa gadee baay'isuun firii isa kaa'i.

a. $\begin{array}{r} 14 \\ \times 7 \\ \hline \end{array}$

b. $\begin{array}{r} 13 \\ \times 5 \\ \hline \end{array}$

c. $\begin{array}{r} 24 \\ \times 4 \\ \hline \end{array}$

d. $\begin{array}{r} 12 \\ \times 6 \\ \hline \end{array}$

e. $\begin{array}{r} 27 \\ \times 3 \\ \hline \end{array}$

2. Tuuliin qalama 4 bite. Qalamni tokko qarshii 15. Waliigala qarshii meeqaan bite?

D. Tooftaa Irraa Gadee Baay'isuu Hambifannaa Qaban

Fakkeenya 8: 71×4 , irraan gadee baay'isi.

Furmaata: Baay'isuu hambifannaa qabudha.

$4 \times 1 = 4$, Gatiin bakka tokkee keessatti 4 barreessina

$4 \times 7 = 28$. Gatii bakka kudhanii keessatti 8 barreessina, 2 mana dhibbaa keessatti barreessina.

28 jechuun?

$\begin{array}{r} 71 \\ \times 4 \\ \hline 284 \end{array}$

Fakkeenya 9: 95×3 , irraa gadee baay'isi.

Furmaata: Baay'isuun kun hambifannaa yeroo lamaa ofkeessaa kan qabuu dha

$\begin{array}{r} 95 \\ \times 3 \\ \hline 285 \end{array}$

Gilgaala 3.6

1. Kanneen armaan gadii irraa gadee baay'isuun firii isa kaa'i.

a. $\begin{array}{r} 93 \\ \times 3 \\ \hline \end{array}$

b. $\begin{array}{r} 41 \\ \times 5 \\ \hline \end{array}$

c. $\begin{array}{r} 63 \\ \times 2 \\ \hline \end{array}$

d. $\begin{array}{r} 85 \\ \times 9 \\ \hline \end{array}$

e. $\begin{array}{r} 74 \\ \times 8 \\ \hline \end{array}$

2. Gareen kubbaa miilaa tokko taphattoota 11 qaba. Garee 7 ijaaruu yoo barbaachise taphattoota meeqatu barbaachisa?
3. Sanduuqinni tokko saamunaa 24 qabata. Sanduuqni 6 saamunaa meeqa qabata?
4. Tolaan Sa'aatii tokkotti qarshii 80 argata. Sa'aatii 8 hojjetee qarshii meeqa argata?

3.2.2 Lakkoofsa Dijitii Sadii Lakkoofsa Dijitii 1'n Baay'isuu

Gocha 3.4

1. Kennama armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsotaan diddiriirsuun baay'isi.
 - a. 131×2
 - b. 221×4
 - c. 312×3
 - d. 127×3
 - e. 159×5
2. Kanneen armaan gadii irraa gadee baay'isuun firii isa kaa'i.
 - a.
$$\begin{array}{r} 321 \\ \times 3 \\ \hline \end{array}$$
 - b.
$$\begin{array}{r} 404 \\ \times 2 \\ \hline \end{array}$$
 - c.
$$\begin{array}{r} 161 \\ \times 5 \\ \hline \end{array}$$
 - d.
$$\begin{array}{r} 327 \\ \times 3 \\ \hline \end{array}$$
 - e.
$$\begin{array}{r} 149 \\ \times 7 \\ \hline \end{array}$$


Fakkeenya 10

Mana barumsaa tokko keessa barattoota 213 tu jiru. Tokkoon tokkoon isaanii biqiltuu 3 dhaaban. Waliigala biqiltuu meeqa dhaaban

Furmaata

A. Tooftaa Gatii Bakkaa Lakkoofsotaan Diddiriirsuun Baay'isuu

Barataan/ttuun tokko 3 dhaabe/de jechuun waliigala, 3×213 dhaabate jechuudha. Gatii bakka lakkoofsaan yoo diddiriirsitu, $213 = 2 \times 100 + 1 \times 10 + 3 \times 1$ ta'a.



B. Tooftaa Irraa Gadee Baay'isuu



Gilgaala 3.7

1. Firii baay'isuu armaan gadii barbaadi.

- a. 201×7 b. 141×8 c. 293×4 d. 194×2 e. 216×8

2. Dabtara darzana tokko qarshii 246'n bitama. Darzana 4 bituuf qarshii meeqa barbaachisa?



3. Qaruuran bishaanii tokko liitira 5 qabata. Qaruuran walfakkaatu 125 bishaan liitirii meeqa qabata?
4. Obbo Liibanoon qonnaan bulaadha. Lafti qonnaa mana isaanii irraa fageenya meetira 500tti argama. Achi ga'anii yoo deebi'an meetira meeqa deeman?

3.3 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Hundaa Baay'isuu

Kan Baay'ataan Isaanii 1000 Hin Caalle

Fakkeenya 11

Konkolaatan fe'isaa tokko sa'aatii tokkotti 65km yoo deeme, sa'atii torba yoo deeme kiiloometira meeqa deema?

Furmaata

Sa'atii torba keessatti fageenya deeme beekuuf sa'atii 1tti

(Kiiloometira deeme) $\times$ (sa'atii itti fudhate) = $65 \times 7 = 455$. Kanaafuu, 455km deeme

Fakkeenya 12

Kitaabni tokko fuula 120 qaba. Kitaabonni akkasii 8 fuulota meeqa qaba?

Furmaata

Fuula waliigalaa argachuuf

(Fuula waliigalaa kitaaba tokkoo) $\times$ (baay'ina kitaabilee) = $120 \times 8 = 960$.

Kanaafuu, kitaabilee sAaddettanuu waliigalatti fuula 960 qabaatu.


Gilgaala 3.8

1. Gatiin boba'aa liitira tokko qarshii 9 yoo ta'e, kan liitira 15 meeqa ta'a?
2. Kitaabni tokko qarshii 235'n bitama. Kitaabileen akkasii 4 qarshii meeqaan bitama?
3. Dosxaan tokko waraqaa 400 yoo qabate dosxaan akkasii 2 waraqaa meeqa qaba?
4. Konkolaatan tokko al tokkotti bilookeettii ijaarsa manaa 250 fe'a. Si'a 4 deddeebi'ee bilookeettii ijaarsa manaa meeqa fe'a?

BOQONNAA

4

$$24 \div 2 = 12 \quad \div$$



HIRUU LAKKOOFSA HUNDAA HAMMA 100

4.1 Keessa Deebii Lakkoofsota Hundaa Hamma 100

Gocha 4.1

Harmeen Karamella 12 ijoollee ishee 4'f walqixa qooduu yoo barbaadde. Meeqa meeqa walgaha?



Hiikoo

Hiruu: Jechuun adeemsa galagaltoo baay'isuuti.

Fakkeenya 1

Burtukaana 6 ijoollee 3f walqixa hiri. Meeqa meeqa isaan gaha?



Furmaata

Tokkoon tokkoon isaanii lama lama gaha.

Kunis, $6 \div 3 = 2$ ta'a.

Kanaafuu, $2 \times 3 = 6$ ta'a.

Isa kanarraa hiruun adeemsa galagaltoo baay'isuuti jenna.

Hubadhu

Kunis, Yoo $a \div b = c$ ta'e,

a - hiramaa

b – hirmaataa

c - gahee jedhama

Gilgaala 4.1

1. Firii hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $9 \div 3$

b. $16 \div 8$

c. $18 \div 3$

d. $12 \div 6$

e. $15 \div 5$

2. Loomii 15 daa'imman meeqaaf walqixa 3 sadiitti qooduu dandeessa?

4. 2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20 Haftee Malee 2'f

Hiruu

Gocha 4.2

1. Daabboo 8 namoota 2'f walqixa qoodi. Nama tokko meeqa gahe?



2. Firii hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $2 \div 2$

b. $4 \div 2$

c. $6 \div 2$

d. $14 \div 2$

e. $16 \div 2$

Lamaaf hiruu jechuun waan jiru tokko walqixxeetti iddoo lamatti qooduu jechuu dha.

Fakkeenya 2: Fakkiin armaan gadii kun urjoota 8 garee lama miseensota 4 qabanitti qoodamuu isaa agarsiisa.

Kunis; $8 \div 2 = 4$ ta'a.

Kanaafuu, 2'f hiruu jechuun iddoo walqixa ta'e lamatti qooduu jechuu dha.



Fakkeenya 3

$10 \div 2 = 5$ jechuun waan 10 iddoo walqixa 5tti qoodamuu agarsiisa.

Karaa biroo, hiruu jichuun irra deddeebiin hir'isuu jechuu dha.

Kana jechuun, $10 - 2 = 8$

$8 - 2 = 6$

$6 - 2 = 4$

$4 - 2 = 2$

$2 - 2 = 0$ al shan waan hir'isameef gaheen 5 ta'a.

Gilgaala 4.2

1. Firii hiruu armaan gadii barbaadi.

- a. $14 \div 2$ b. $16 \div 2$ c. $18 \div 2$ d. $10 \div 2$ e. $20 \div 2$

2. Kanneen armaan gadii irra deddeebiin hir'isuun hiri.

- a. $14 \div 7$ b. $15 \div 3$ c. $12 \div 3$ d. $10 \div 2$ e. $20 \div 5$

3. Gabatee armaan gadii erga dabtara keeratti galagalchitee booda lakkoofsota 2f hiramuu danda'an itti mari. Kana booda iddoo jalatti kenname irratti gahee isaanii guuti. Fakkeenya hojjetame hordofi.

$\div$	2	3	4	5	6	7	8	9	10	12	13	14	15	16	17	18
2'f			2													

4. Fakkiilee gabatee armaan gadii irratti kennaman irratti hundaa'uun gaaffii gaafatamteef deebii bakka duwwaa kenname irratti guuti.



- a. Halluu cuquliisaa kan dibame 2'f yoo hirte? _____
- b. Halluu gurraacha kan dibame 2'f yoo hirte? _____
- c. Halluu magariisa kan dibame 2'f yoo hirte? _____

4.3 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 jiran 2 fi 10f Hiruu

Mata duree 4.2 jalatti akkuma hubatte lakkoofsa hundaa lamaaf hiruu jechuun iddoo walqixxeetti qooduu akka ta'e ilaaltee jirta. Kutaa kana keessatti immoo ol guddisuun lakkofsota hundaa amma 100tti jiran 2 fi 10'f hirra.

4.3.1 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 2f Hiruu

Gocha 4.3

Jaagamaafi Daraartuun maangoo waliin dhaaban irraa firii 86 ciratanii walqixa qooddatan. Meeqa meeqa isaan gaha?



Fakkeenya 4

Gammadaan qarshii 24 qaba. Hiriyyoota isaa lamaan Soraafi Kumeedhaaf walqixa yoo qoodde qarshii meeqa meeqa qoodaaf?

Furmaata: $24 \div 2 = 12$ ta'a.

Fakkeenya 5: $66 \div 2 = 33$ ta'a.

Fakkeenya 6: $\boxed{?} \div 2 = 45$

Furmaata: Hirmaa 2f hiramee 45 kennu barbaaduu jechuudha. Meeqa ta'a?

90 namoota lamaaf walqixa yoo qoodde 45 gaha. Kanaafuu, saaduuqa keessatti 90 barreessina.

Gilgaala 4.3

1. Gaaffilee armaan gadiif firii hiruu isaa bakka duwwaa kenname irratti guuti.

a. $26 \div 2 = \underline{\quad}$ b. $78 \div 2 = \underline{\quad}$ c. $44 \div 2 = \underline{\quad}$ d. $58 \div 2 = \underline{\quad}$ e. $52 \div 2 = \underline{\quad}$

f. $98 \div 2 = \underline{\quad}$ g. $68 \div 2 = \underline{\quad}$ h. $74 \div 2 = \underline{\quad}$ i. $70 \div 2 = \underline{\quad}$ j. $22 \div 2 = \underline{\quad}$

2. Hiramoota 2f hiramani gahee armaan gadii kennan saanduqa keessatti guuti.

a. $\square \div 2 = 18$ b. $\square \div 2 = 11$ c. $\square \div 2 = 32$

d. $\square \div 2 = 1$ e. $\square \div 2 = 50$ f. $\square \div 2 = 28$

g. $\square \div 2 = 36$ h. $\square \div 2 = 46$ i. $\square \div 2 = 20$

4.3.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 jiran 10'f Hiruu

Lakkoofsota hundaa 10'f hiruu jechuun waan jiru tokko iddoo walqixa ta'e 10 tti qooduu jechuu dha.

Gocha 4.4

Ruuzii 90kg namoota 10f kiilogiraama meeqa meeqa walgaha?



Fakkeenya 7: Muuziin 20 barattoota 10'f meeqa meeqa walgaha?

Furmaata

Muuziin 20 walqixxee yoo nama 10'f qoodame nama tokkoof muuzii lama gaha.

Kanaafuu, lama lama gaha jechuudha. Kunis; $20 \div 10 = 2$ ta'a.

Gilgaala 4.4

1. Gaheewwan armaan gadii barbaadi.

a. $50 \div 10$ b. $70 \div 10$ c. $60 \div 10$ d. $80 \div 10$ e. $90 \div 10$

2. Qarshiin 50 namoota 10'f meeqa meeqa gaha?

3. Ulee dheerinni isaa 40cm ta'e uleewwan dheerinni isaanii 10cm ta'e meeqatti kukkutu dandeessaa?

4. Buna giraama 100 giraama kudhan kudhaniin namoota meeqaaf qoodda?

4.4 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti 1'f Hiruu**Gocha 4.5**

Abdiin qarshii 30 qabu obboleessa isaaf kenne. Obboleessi Abdii qarshii meeqa fudhate? Gaheen obboleessa Abdii meeqa?

Fakkeenya 8: $25 \div 1 = 25$ ta'a.

Yaadadhu:

Lakkoofsi hundaa kamiyyuu 1f yoo hirame gaheen isaa lakkoofsa hiramaa sanaan walqixxee ta'a.

Gilgaala 4.5

Gaaffilee armaan gadii hirii gahee isaanii barbaadi.


a. $5 \div 1$ b. $7 \div 1$ c. $6 \div 1$ d. $80 \div 1$ e. $19 \div 1$

4.5 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 7'f, 8'f fi 9'f Hiruu

A. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 3'f hiruu

Gocha 4.6

Saanduqa xixiqqaa 15 armaan gadii daa'imman sadiif walqixa yoo hirte meeqa meeqa isaan gaha?



Fakkeenya 9

Gatiin Qubeessaa tokkoo qarshii 3. Qarshii 18'n qubeessaa meeqa bitta?

Furmaata: Qarshii 18 iddoo walqixxee ta'e 3tti qoodi. Qoodni tokko meeqa qaba?

Kunis, $18 \div 3 = 6$. Karaa biroo $3 \times 6 = 18$ ta'a. Kanaafuu, qubeessaa 6 bitta jechuudha.

Gilgaala 4. 6

1. Gahee hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $21 \div 3 =$ b. $45 \div 3 =$ c. $51 \div 3 =$

d. $54 \div 3 =$ e. $60 \div 3 =$ f. $72 \div 3 =$

2. Galaanee, Kumalaafi Buusaan horsiisa re'ee irratti bobba'anii jiru.

Re'oota 8 qaban walqixxeetti yoo hiratan meeqa meeqa isaan gaha?

3. Funyoo meetira 99 dheeratu meetira sadi sadiin yoo qoodde iddoo meeqatti qooduu dandeessa?

4. Qarshiin 75 namoota 3 meeqa meeqa isaan gaha?

B. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 4'f hiruu

Gocha 4.7

Konkolaataan tokko boba'aa liitirii 1'n kiiloomeetira 4 deema. Konkolaatan kun boba'aa liitirii 40'n kiiloomeetira meeqa deema?

Fakkeenya 10

Biqiltuu 32 sararaan bakka dhaabbii biqiltuu 4tti walqixa qooduun dhaabuuf yoo barbaadame sararaa tokkorra biqiltuu meeqatu dhaabbata?

Furmaata

Baay'ina biqiltuu jiru iddoo dhaabbii 4'f qooduun biqiltuu sarara tokko irra dhaabamu baay'ina isaa agrachuun ni dandaa'ama.

Kunis, $32 \div 4 = 8$. Karaa biroo $4 \times 8 = 32$ ta'a.

Kanaafuu, biqiltuu 8 sarara tokkorra dhaabata.

Gilgaala 4.7

1. Hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $4 \div 4 = \square$

b. $24 \div 4 = \square$

c. $80 \div 4 = \square$

d. $36 \div 4 = \square$

e. $60 \div 4 = \square$

f. $100 \div 4 = \square$

2. Zayitii liitirii 92 meeshaa liitirii 4 qabatu meeqatu barbaachisa?

3. Haqxuun tokko qarshii 4'n bitama. Qarshiin 64 haqxuu meeqa bita?

4. Teessoon tokko namoota 4 baata. Namoota 76'f teessoo meeqatu barbaachisa?

C. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 5'f hiruu

Gocha 4.8

Namoota 85 bishaan gamatti ceesisuudhaaf bidiruu 5 barbaachisa. Bidiruun martinuu baay'ina namootaa walqixa qabata. Bidiruun tokkichi namoota meeqa qabata?



Fakkeenya 11

Kaarotii kiiloogiraama 95 guuboowwan kiiloogiraama 5 qabatan meeqatti qoqqooduu dandeenya?

Furmaata: Kaarotii kiiloogiraama 95 waliigalaa, kiiloogiraama guuboon tokko qabatuuf hiruu ta'a. Kunis, $95 \div 5 = 19$.

Kanaafuu, guuboo 19 barbaachisa.

Gilgaala 4. 8

1. Hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $10 \div 5 = \square$

b. $55 \div 5 = \square$

c. $65 \div 5 = \square$

d. $80 \div 5 = \square$

e. $35 \div 5 = \square$

f. $70 \div 5 = \square$

2. Namoonni 5 waldaan gurmaa'anii hoolota horsiisan keessaa 100 yoo hiratan meeqa meeqa isaan gaha?

3. Kutaa tokko keessa teessoo 90tu jira. Teessoo kana tooraan garee walqixa 5tti yoo qoodde tokkoon tokkoon garee teessoo meeqa qabata?


4. Barattoota 30 garee miseensa walqixxee ta'e 5tti walqooduun fiigicha gabaabaa dorgomuuf barbaadan. Gareen tokkichi miseensota meeqa ofkeessaa qaba?

D. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 6'f hiruu

Gocha 4.9


Bishaan abbaa liitira 2 jaha bishaan darzana tokko ta'a. 72 darzna meeqa ta'a?

Fakkeenya 12: Fakkii armaan gadii garee miseensa 6 qabutti qoodi.



Furmaata

$18 \div 6 = 3$. Fakkii armaan olii irraa kan hubannu waan 18, garee sadii miseensa jaha jaha qabutti qoodna. Kunis, akka armaan gadiitti ibsamuu danda'a.



Kanaafuu, jaha jahaan iddoo sadiitti qoodamu jechuudha.

Gilgaala 4. 9

1. Gahee hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $12 \div 6 = \square$

b. $54 \div 6 = \square$

c. $78 \div 6 = \square$

d. $48 \div 6 = \square$

e. $66 \div 6 = \square$

f. $36 \div 6 = \square$

2. Konkolaattonni walfakkaatan 6 walitti gommaa 36 qabu. Tokkichii isaa gommaa meeqa qaba?

3. Dinnicha kiillogiraama 90 namoota 6'f walqixxeetti yoo qoodne kiillogiraama meeqa meeqa isaan gaha?

4. Muuzii 42 namoota 6'f walqixa yoo qooddatan meeqa meeqa isaan gaha?

E. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 7'f hiruu

Gocha 4.10

Kutaa barnootaa tokko keessa daa'imman 28ttu jiru. Garee daa'imman 7 qabutti yoo qoodde, gareen tokko daa'imman meeqa qaba?



Fakkeenya 13

Torbeen tokko guyyoota 7 qaba. Guyyoonni 42 torbeewwan meeqa qabu?

Furmaata

Torbeewwan guyyoota 42 keessa jiran argachuuf baay'ina guyyoota torbee tokkoof hiruun argatta. Kunis, $42 \div 7 = 6$ ta'a.

Kanaafuu, guyyoonni 42 torbanoota 6 qabu jechuu dha.

Gilgaala 4.10

1. Gahee hiruu armaan gadii barbaadi

a. $14 \div 7 = \square$

b. $49 \div 7 = \square$

c. $77 \div 7 = \square$

d. $56 \div 7 = \square$

e. $21 \div 7 = \square$

f. $91 \div 7 = \square$

2. Ifaan hiriyyoota isaa nama 7 waliin qarshii 84 hojii hojjetanii argatan walqixa qooddatan. Nama tokkoo qarshii hagam gaha?

3. Manni barumsaa tokko daree 35 qaba. Gamoo 7 qaba yoo ta'ee fi torbanuu daree walqixa yoo qabaatan, gamoon tokko daree meeqa qaba?

4. Namoota torba ta'anii dhadhaa kiilogiraama 70 walqixa qooddatan. Gaheen nama tokkoo kiilogiraama meeqa ta'a?

F. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 8'f hiruu

Gocha 4.11

Kubbaa 40tu jira. Saanduuqa kubbaa 8 qabatu meeqatu barbaachisa?



Fakkeenya 14

Aappilii 24 barattoota 8'f qoodi. Tokkoon tokkoon isaanii aappilii meeqa isaan gaha?

Furmaata

Baay'ina appiilii baay'ina barattootaf yoo qoodde gahee isaanii argatta.

Kunis, $24 \div 8 = 3$. Kanaafuu, barataa tokko appiilii 3 gaha.

Gilgaala 4.11

1. Gahee hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $56 \div 8 = \square$

b. $72 \div 8 = \square$

d. $16 \div 8 = \square$

e. $32 \div 8 = \square$

f. $8 \div 8 = \square$

g. $96 \div 8 = \square$

2. Barattoota 64 garee miseensa walqixa ta'e 8 itti yoo qoodne garee meeqatu jira?

3. Huccuu suufii hin hodhamne meetira 80 irraa huccuu meetira 8 meeqa tarsaafnee baasuu dandeenya?

4. Namoota 88 Miniibaasii nama 8 qofa qabatuun al tokkotti geejjibuuf yoo barbaachise miniibaasota meeqatu barbaachisa?

G. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100 Jiran 9'f hiruu

Gocha 4.12

Barattoota 72 galma godambaa aadaa Oromoo daawwachuu deeman. Daawwachiisaa 9tu jiru yoo ta'e daawwachiisaan tokkoo barattoota baay'ina walqixa ta'an meeqa daawwachiisa?

Fakkeenya 15

Hanqaaquu 36 walqixa sagal sagaliin qoodne. Garee tokko hanqaaquu meeqa qaba?

Furmaata: $36 \div 9 = 4$.

Kanaafuu, gareen tokko hanqaaquu 4 qaba.

Gilgaala 4.12

1. Gahee hiruu armaan gadii barbaadi.

a. $27 \div 9 = \square$

b. $72 \div 9 = \square$

c. $18 \div 9 = \square$

d. $45 \div 9 = \square$

e. $9 \div 9 = \square$

f. $81 \div 9 = \square$

2. Namoota 90 Koree miseensota walqixa ta'e 9 qabu meeqatti qoodda?

3. Gatiin Kitaaba tokkoo qarshii 9. Qarshii 63'n kitaabilee meeqa bitachuun danda'ama?


4.6 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Hundaa hamma 100 Hiruu

Gocha 4.13

Cuunfaa burtukaanaa miiliilitira 30 walqixxeetti daa'imman 5'f hiri.

Daa'ima tokko cuunfaa miiliilitira meeqa isa gaha?

$\square \div \square = \square \text{ ml}$



Fakkeenya 16


Bariisoo, Dureettiifi Ayyaaneen mooraa mana isaanii naannessanii biqiltuu 27 dhaaban. Sadeen isaanii walqixa dhaaban yoo ta'e, meeqa meeqa dhaaban?

Furmaata: Hunduu walqixxee waan dhaabaniif, $27 \div 3 = 9$

Kanaafuu, tokkoo tokkoon isaanii biqiltuu sagal sagal dhaaban.

Fakkeenya 17: Kaardiiwwan halluu garaagaraa 32 jiran saddet saddetiin gareessi.

Garee meeqa uumuu dandeessa?



Furmaata: Baay'ina kaardiiwwanii baay'ina gareef hiruun arganna.



Kunis, $32 \div 8 = 4$ ta'a. Kanaafuu, garee 4 arganna.

Gilgaala 4.13

1. Obbo Magarsaan re'oota 80 qaban ijoollee isaanii afuriif walqixxeetti yoo qoodan meeqa meeqa wal isaan gaha?
2. Dhaabbanni horii aannanii horsiisu tokko loowwan 48 qaba. Dhaabbanni kun loowwan kana dirree margaa bakka sadii jirutti walqixa qoodde yoo bobbaase, tokkoon tokkoon dirreetti loowwan meeqatu bobba'a?
3. Obbo Daraaraan hojjetoota xaafii haaman 5'f qarshii 95 kaffalan. Tokkoon tokkoon isaani qarshii walqixa meeqa meeqa argatan?
4. Aadde Jiituun hoolota horsiisan keessaa warra qalmaaf gahan 84 hoteelota 6'f


walqixa dhiyeessan. Tokkoon tokkoon hoteelotaaf meeqa meeqa dhiyeessan?

5. Obbo Guddataan sa'aatii 4 keessatti biqiltoota 88 dhaaban. Aadde Boontuun immoo sa'aatii 5 keessatti biqiltuu 100 dhaaban. Isaan keessaa eenyuutu sa'aatii tokko keessatti biqiltuu baay'ee dhaabe?
6. Buna kiiloogiraama 30 meeshaa kiiloogiraama 5 qabatutti qoqqooduu barbaadda yoo ta'e, meeshaa hamma walqixxee qabatu meeqa sibaarbaachisa?

BOQONNAA**5****SEENSA FIRAASHINOOTAA****5.1 Fakkeenya Beekamoofi Cimoo Waa'ee Walakkaa, Kurmaanaafi Siisoo Lakkoofsotaa Ibsan****Keessa Deebii Walakkaawwanii, Siisoowwaniifi Kurmaanotaa**

Danaalee armaan gadii irratti kutaan dibame firaakshiniin ibsamanii jiru.






	$\frac{1}{2}$	Guutuun isaa bakka 2 walqixatti qoodame. Kan haalluun dibame Walakkaa dha.
	$\frac{1}{3}$	Guutuun isaa bakka sadii walqixatti qoodame. Kan haalluun dibame Siisoo dha.
	$\frac{1}{4}$	Guutuun isaa bakka afur walqixatti qoodame. Kan haalluun dibame Kurmaana dha.

Gocha 5.1**1. Firaakshinoota kutaa dibame ibsan barreessi.****2. Firaakshinoota armaan gadii danaaleedhaan ibsi**

a. $\frac{1}{5}$

b. $\frac{1}{10}$

3. Firaakshinoota kennaman danaa isaanii irratti dibuudhaan agarsiisi.



5.2 Firaakshinoota Tokkee $\frac{1}{10}$ Hamma $\frac{1}{2}$ tti Jiran

A. Firaakshinoota tokkee adda baafachuu

Danaa armaan gadii ilaali.



Afran keessaa tokko qofatu halluu dibame.

Kunis, yeroo firaakshiniidhaan ibsamu $\frac{1}{4}$ ta'a.

Yeroo dubbifamus tokko afraffaa jedhama.

Gocha 5.2

Abbaan Magarsaa burtukaana tokko bakka walqixa ta'e afuritti qoode. Qoodama tokko Caalaadhaaf kan lammataa Daraartuudhaaf, kan sadaffaa Baay'isaadhaaf, kan afraffaa Fayyineedhaaf kenne yoo ta'e;





- Caalaan kan argate firaakshiniidhaan barreessi.
- Daraartuun kan argatte firaakshiniidhaan barreessi.
- Baay'isaan kan argate firaakshiniidhaan barreessi.
- Fayyineen kan argatte firaakshiniidhaan barreessi.

Gilgaala 5.1

1. Danaalee armaan gadii irratti firaakshinii kutaalee dibamanii barreessi.



2. Firaakshinoota kennaman danaa isaanii irratti halluu dibuudhaan agarsiisi.



3. Firaakshinoota kennaman kana jechaan barreessi.

a. $\frac{1}{2}$

b. $\frac{1}{3}$

c. $\frac{1}{4}$

d. $\frac{1}{7}$

e. $\frac{1}{10}$

4. Kanneen armaan gadii lakkoofsaan ibsi.

a. tokko shanaffaa

b. tokko jahaffaa

c. tokko sagalaffaa

5. Danaalee kennaman irratti firaakshinoota kutaalee dibaman bakka bu'uu danda'an bakka duwwaa harka mirgaa argamu irratti barreessi.

a. _____

b. _____

c. _____

d. _____

e. _____

f. _____

g. _____

h. _____

i.

--	--	--	--	--	--	--	--	--	--

g.

--	--	--	--	--	--	--	--	--	--

B. Waamamaafi Waamsisaa Firaakshinii

Hubadhu: $\frac{1}{4}$ keessatti 1 waamamaafi 4 waamsisaa jedhama.

Gilgaala 5.2

1. Waamamaafi waamsisaa tokkoo tokkoo firaakshinoota kennamanii barbaadi.

a. $\frac{1}{3}$ b. $\frac{1}{6}$ c. $\frac{1}{7}$ d. $\frac{1}{8}$ e. $\frac{1}{9}$ f. $\frac{1}{10}$

2. Firaakshinoota kennaman keessatti waamamaa moo waamsisaatu caala?

a. $\frac{1}{10}$ b. $\frac{1}{7}$ c. $\frac{1}{5}$ d. $\frac{2}{3}$

3. Gabatee armaan gadii keessatti bakka duwwaa lakkoofsa sirrii ta'een guuti.

Firaakshinii	$\frac{1}{9}$			$\frac{1}{6}$	$\frac{1}{8}$
Waamamaa	1	1	1		
Waamsisaa		7	4		

5.3 Walakkaawwaniifi Kurmaanota Lakkoofsota Hundaa

A. Walakkaa

Lakkoofsi hundaa guutuun tokko bakka walqixa ta'e lamatti yommuu

qoodamu ga'een argamu walakkaa jedhama.

Fakkeenya 1



$10 \div 2 = 5$
Kanaafuu, 5walakkaa 10 ti.



$12 \div 2 = 6$
Kanaafuu, 6 walakkaa 12 ti.

B. Kurmaana

Kurmaana lakkoofsa hundaa jechuun lakkoofsa guutuu ta'e bakka walqixa afuritti qoodamuun firii argamudha.

Fakkeenya 2



$12 \div 4 = 3$. Kanaafuu, 3 kurmaana 12 ti.


Gilgaala 5.3

- Walakkaa lakkoofsota kennamanii barbaadi.
a. 4 b. 6 c. 8 d. 14 e. 36 f. 88
- Kurmaana lakkoofsota kennamanii barbaadi.
a. 4 b. 16 c. 24 d. 28 e. 36 f. 52
- Maatiin Caaltuu horii manaa 20 qabu. Horii manaa kana keessaa walakkaan hoolota yoo ta'an, baay'inni hoolotaa firaakshiniidhan meeqa?
- Ililliin muuzii 24 gabaadhaa bitte. Kurmaanni isaa meeqa?
- Walakkaan 64 meeqa?
- Kurmaanni 80 meeqa?

5.4 Firaakshinoota Walgitaa Agarsiisuu

Gocha 5.3




Caalaafi Caaltuun burtukaana walqixa ta'an akkaataa armaan gadiitiin mummuratanii nyaatan.

	Caalaan burtukaana kennameef bakka lamatti qoodde tokko nyaate.
	Caaltuun burtukaana kennameef bakka afuritti qoodde lama nyaatte.

- a. Kan Caalaan nyaatte firaakshiniin ibsi.
- b. Kan Caaltuun nyaatte firaakshiniin ibsi.
- c. Caalaafi Caaltuu keessaa eenyuutu guddaa nyaate?
- d. $\frac{1}{2}$ fi $\frac{2}{4}$ walqixaa?

Fakkeenya 3

Danaalee armaan gadii irratti kutaaleen dibaman firaakshiiniidhaan ibsamani jiru.





Kutaaleen danaalee armaan olii irratti dibaman walqixa dha.

Kunis, $\frac{1}{3} = \frac{2}{6} = \frac{3}{9}$

Kanaafuu, $\frac{1}{3}$, $\frac{2}{6}$ fi $\frac{3}{9}$ firaakshinoota walqitaati.

Fakkeenya 4



Kutaaleen geengoollee armaan olii irratti dibaman walqixa dha.

Kunis, $\frac{1}{2} = \frac{2}{4} = \frac{3}{6} = \frac{4}{8}$ ta'a.

Kanaafuu, $\frac{1}{2}$, $\frac{2}{4}$, $\frac{3}{6}$, $\frac{4}{8}$ firaakshinoota walgitaati.

Gilgaala 5.4

1. Danaalee kennaman irratti kutaalee firaakshinoota walgitaa kennaman dibuun ibsi.


a. $\frac{1}{3} = \frac{2}{6}$ danaalee armaan gadii irratti dibi.



b. $\frac{1}{4} = \frac{2}{8}$ danaalee armaan gadii irratti dibi.



2. Danaalee kennaman irraa kutaalee dibaman firaakshiniidhaan ibsi.



BOQONNAA

6



PAATARNootA

6.1 Guddina Paatarnootaa Adda Baasuu

Hojii garee 6.1

1. Magaalaa keessatti bakka lafoo deemtonni daandii konkolaataa irra qaxxaamuran (zebra) ilaaltee beektaa? Halluun isaa paatarnii akkamiin hojjetame?



2. Ibsaa tiraafikaa argitee beektaa? Halluu diimaa kan ibsu maaliif?
Halluu keelloofi magariisa ibsuun isaas maal jechuu akka ta'e irratti mar'adhaa.



3. Uffata aadaa ilaaltee beektaa? Halluun inni ittiin hojjetamu paatarnii uuma moo hin uumu?

Gocha 6.1

Paatarnii bocoota armaan gadii paatarnii deddeebi'oo yookiin paatarnii guddachaa jiran ta'uu adda baasi.

1. 
2. 
3. 
4. 1, 2, 3, 4, ...
5. 1, 2, 1, 2, 1, 2, ...
6. 1, 3, 5, 7, ...

Hiikoo

Paatarnii: Seera yookiin karaa addaa tuutni wanta tokkoo yookiin lakkoofsotaa ittiin tartiibaan ka'aamaniidha. Tokkoon tokkoon wantoota paatarnicha keessa jiran **tarmoota** paatarnichaa jedhamu.

A. Paatarnoota Deddeebi'oo

Hiikoo: Paatarnii deddeebi'oo jechuun paatarnii tarmoonni isaa seera paatarnichaa eeganii deddeebi'anii uumamani dha.

Fakkeenya 1

Paatarnoota armaan gadii paatarnii deddeebi'oo ta'uu ibsi.

- a. 
- b. 4, 4, 4, 7, 4, 4, 4, 7 ...

Furmaata

- a. Paatarniin kun deddeebi'oo dha. Sababni isaa boca geengoo sadii booda boca iskuweeriitu dhufa.

- b. Paatarniin kunis deddeebi'oo dha. Sababni isaas 4 si'a sadii booda 7tu dhufa.

B. Paatarnoota guddachaa Jiran

Hiikoo

Paatarnii Guddachaa jiran: Paatarnii tarmoonni isaa seera paatarnichaa eeganii dabalaa deemani dha.

Fakkeenya 2

Paatarnoota armaan gadii Paatarnoota guddachaa jiran ta'uu isaanii ibsi.



b. 1, 2, 3, 4, 5,...

Furmaata

- a. Rogsadeen tokkoon dabalaa deema. Boci fuula namaa gidduu gidduutti dhufa. Kanaafuu, paatarniin kun paatarnii guddachaa jirudha.
- b. Lakkoofsota lakkaawwiiti. Tokkoon dabalaa deema. Kanaafuu, paatarnii guddachaa jiru dha.

Gilgaala 6.1

Paatarnoota armaan gadii bakka duwwaa siikenname irratti guuti. Itti fufsiisuudhaan paatarnii deddeebi'oo yookiin paatarnii guddachaa jiru jechuun adda baasi.

1. 

2. 

3. A B C A B C A B C A _____, _____, _____

4. 

5. 2, 4, 6, _____, _____, _____

6.2 Fakkii Guddina Paatarnii Itti Fufsiisuu

Gocha 6.2

Guddina paatarnoota armaan gadii itti fufsiisi.


1.    _____

2.    _____


3. **Fakkii 1**



Fakkii 2



Fakkii 3




Fakkii 4

4. 8, 7, 6, 5, _____, _____, _____,

Fakkeenya 3

Fakkii Guddina paatarnoota armaan gadii itti fufsiisi.

1.    _____

2.    _____

Furmaata

Paatarniin armaan olitti kenname paatarnii guddachaa jiranidha.

Haalli tartiiba isaa tokkoon dabalaa deema.

Kanaafuu, tarmiin itti aanee dhufu:

1. 

2. 

Gilgaala 6.2

Paatarnoota armaan gaditti kennamaniif miseensota itti fufuun dhufan tilmaami.

1. 
2. 
3. 
4. 

6.3 Miseensota Fagoo Paatarnoota Deddeebi'oofi**Guddachaa Jiran Tilmaamuu****Gocha 6.3**

1. Paatarnii armaan gadiitti kenname irratti hundaa'uun gaa'filee armaan gadii deebisi.



- a. Bocni itti aanee dhufu kami?
 - b. Paatarniin kun yoo itti fufe, bocni 16^{ffaa} irratti dhufu maal ta'a?
 - c. Rogsadeen lakkoofsota lakkaawwii akkamii irratti dhufa?
 - d. Amma 20tti yoo itti fufe, rogsadootni meeqa ta'u?
2. 100, 200, 300, 400, ... paatarnii guddatudha. Paatarniin kun yoo itti fufe:
 - a. Tarmii shanaffaa meeqa ta'a?
 - b. Tarmii kurnaffaa meeqa ta'a?
 - c. Tarmiin dhibbaffaa meeqa ta'a?

Fakkeenya 4

Paatarnii 3, 6, 9, ... keessatti kanneen armaan gadii barbaadi.

- a. Tarmii kurnaffaa barbaadi.
- b. Tarmii soddomaffaa barbaadi.

Furmaata

Paatarniin kun paatarnii guddachaa jirudha. Sadi sadiin dabalaa deema.

$$\text{Tarmii tokkoffaa} = 3 \times 1 = 3$$

$$\text{Tarmii lammaffaa} = 3 + 3 = 3 \times 2 = 6$$

$$\text{Tarmii sadaffaa} = 3 + 3 + 3 = 3 \times 3 = 9$$

$$\text{Tarmii kurnaffaa} = 3 \times 10 = 30$$

$$\text{Tarmii soddomaffaa} = 3 \times 30 = 90$$

Gilgaala 6.3

1. Gabatee baay'ina sareefi baay'ina miilota saree ibsu kun paatarnii agarsiisa.

Gabatee kenname irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

Baay'ina Saree	1	2	3	4	5
Baay'ina miilota saree	4	8	12	16	20

- a. Baay'inni saree tokkoon yommuu dabalu miilonni saree meeqaan dabala?
 - b. Paatarniin kun yoo itti fufe sareen 10 miilota meeqa qabu?
 - c. Sareen dhibbi tokko miilota meeqa qabu?
2. Ifaan muuzii 23 bitee manaa qaba. Guyyaatti muuzii 3 nyaata. Guyyaa 7 booda muuzii meeqatu isaaf hafa?
 3. Obbo Dinagdeen mana isaa gurguruu barbaade. Yoo manichi gurguramuu dide torban torbaniin gatii isaa qarshii 100'n hir'isuuf murteesse. Torban 11^{ffaa} tti qarshii meeqaan hir'isa?

6.4 Piroobileemota Paatarniin Walqabatan

Fakkeenya 5: Paatarnii guddachaa jiran gabatee ida'uu kenname irratti hundaa'uun deebisi.

- a. Tokkoon tokkoon dalgee fi olee irratti lakkoofsonni meeqaan dabalaa deemu?
- b. Saarbiiwwan bitaa gara mirgaa jiran irratti lakkoofsonni meeqaan dabalaa deemu?

+	0	1	2	3	4	5
0	0	1	2	3	4	5
1	1	2	3	4	5	6
2	2	3	4	5	6	7
3	3	4	5	6	7	8
4	4	5	6	7	8	9
5	5	6	7	8	9	10

Furmaata

- Tokkoon tokkoon dalgee fi olee irratti lakkoofsonni tokkoon dabalaa deemu.
- Saarbiiwwan bitaa gara mirgaa jiran irratti lakkoofsonni lamaan dabalaa deemu.

Fakkeenya 6

Kaalaandariin ji'aa armaan gadii paatarnii guddachaa jiran agarsiisa. Gabatee kana irratti hundaa'uudhaan gaaffilee armaan gadii deebisi.

- Tokkoon tokkoon dalgee irratti lakkoofsonni meeqaan dabalaa deemu?
- Tokkoon tokkoon olee irratti lakkoofsonni meeqaan dabalaa deemu?
- Saarbiiwwan bitaa gara mirgaa jiran irratti lakkoofsonni meeqaan dabalu?
- Saarbiiwwan mirgaa gara bitaa jiran irratti lakkoofsonni meeqaan dabalu?

Wit	Kib	Roob	Kam	Jim	San	Dil
		1	2	3	4	5
6	7	8	9	10	11	12
13	14	15	16	17	18	19
20	21	22	23	24	25	26
27	28	29	30	31		

Furmaata:

- Tokkoon tokkoon dalgee irratti lakkoofsonni tokkoon dabalaa deemu.
- Tokkoon tokkoon olee irratti lakkoofsonni 7'n dabalaa deemu.
- Saarbiiwwan bitaa gara mirgaa jiran irratti lakkoofsonni 8'n dabalu.
- Saarbiiwwan mirgaa gara bitaa jiran irratti lakkoofsonni 6'n dabalu.

Gilgaala 6.4

1. Caaliin qarshii 100 qaba. Torban torbaniin qarshii 10 yoo irratti dabalee qusate torban kudhan booda qarshii meeqa qusata?
2. Lammeessaan sagantaa kabaja guyyaa dhaloota isaa irratti hiriyyoota isaa waame. Teessoo dalgee tokkoon tokkoon isaa nama afur qabachuu danda'u qopheesse yoo ta'e teessoo dalgeen 5 namoota meeqa qabata?
3. Ganamoon halluu gosa sadii fayyadamee shurraabii dhaha. Toora 1^{ffaa} irratti halluu Diimaa, toora 2^{ffaa} irratti cuquliisaafi toora 3^{ffaa} irratti adii fayyadamee dhaha. Paatarniin kun haaluma kanaan yoo itti fufe;
 - a. Toora 7^{ffaa} irratti halluun kam ta'a?
 - b. Halluu adiin lakkoofsota lakkaawwii akkamii irratti dhufa?
 - c. Halluu diimaan lakkoofsota lakkaawwii akkamii irratti dhufa?
4. Gabatee armaan gaditti kenname irraa paatarnii guddatan addaan baasi.

2	4	6	8	10
12	14	16	18	20
22	24	26	28	30
32	34	36	38	40
42	44	46	48	50

BOQONNAA**7**

Afaan Oromoo



Afaan Ingilizii



...

...

Tokkoon tokkoo
bu'a

kitaabilee 10 bakka

QABANNAA DAATAA**7.1 Giraafota Fakkiwwanii****Gocha 7.1**

Barattoonni daree garee lamatti qoodamaa. Akkaataa gaaaffii garee jala jiruun raga funaanuun taaliifi lakkoofsaan gabatee keessatti agarsiisaa.

Garee 1: Gosa barumsa Afaan Oromoo, Afaan Ingilizii, Herregafi Saayinsii keessaa kamiin caalaatti jaallattu jedhaa garee 2^{ffaa} gaafadha.

Garee 2: Tapha kubbaa miilaa, kubbaa saaphanaafi fiigicha keessaa kamiin irra caalaa jaallattu jedhaa barattoota garee 1^{ffaa} gaafadhaa.

Hubadhu

Giraafonni fakkiwwanii daataa ragoolee adda addaa akka salphaatti ibsuuf gargaaru.

Fakkeenya 1

Daataa gabatee armaan gadii irratti kennaman ilaalii gaaffilee itti aananii jiran deebisi.

Maqaa Barattoota	Kitaabota
Biiftuu	
Caalaa	
Gammadaa	
Dureettii	
Kumee	
Halakee	

- a. Biiftuun kitaaba meeqa qabdi?
- b. Halakeen kitaaba meeqa qabdi?
- c. Kumeen kitaaba meeqa qabdi?
- d. Dureettiifi Halakeen walitti kitaabilee meeqa qabu?
- e. Caalmaan kitaabilee Kumeefi Caala gidduu meeqa?

Deebii

- a. kitaabilee 2
- b. kitaabilee 2
- c. kitaabilee 4
- d. Baay'ina kitaabilee dureettii + Baay'ina kitaabilee Halakee = $3 + 2 = 5$
Kanaafuu, kitaabilee 7 walitti qabu jechuudha.
- e. Baay'ina kitaabilee Kumee – Baay'ina kitaabilee Caala = $4 - 3 = 1$
Kanaafuu, kitaabilee 2 'n caala.

Gilgaala 7.1

1. Gabateen armaan gadii daataa gurgurtaa burtukaanaa kiiloogiraamaan Taliileen maammiltoota isheetti gurgurte ibsa. Gabatee kana irratti hundaa'uun gaaffilee itti aananii jiran deebisi.

Maammiltoota	Hanga burtukaana kiiloogiraaman gurgurame (Taaliidhan)	Hanga burtukaana kiiloogiraaman gurgurame (Lakkoofsaan)
A		4
B	 	5
C		3
D		2
E	 	7
F		3

- Burtukaana baay'inni isaa xiqqoo kan bite eenyu?
 - Burtukaana kiloogiraama guddaa kan bite eenyu?
 - Burtukaana 5kg kan bite eenyu?
 - Maamiltoota C fi D walitti burtukaana hammam bitan?
2. Daataa gabatee armaan gadii irratti dhiyaateef baay'ina isaanii taaliifi lakkoofsaan gabaticha keessatti ibsi.

Maqaa	Kuduraafi Fuduraa	Taali	Lakkoofsa
Timaatimii			
Maangoo			
Burtukaana			
Anaanaasii			
Goraa			

3. Baay'ina daataa barattoota kutaa 1-4 mana baraumsaa tokko keessa jiru gabatee armaan gadii irratti taaliin kennamee lakkoofsaan barreessi.

Kutaa	Taaliidhan	Lakkoofsaan
1 ^{ffaa}		
2 ^{ffaa}		
3 ^{ffaa}		
4 ^{ffaa}		

7.2 Giraafota Fakkii Dubbisuufi Ibsuu

Giraafota fakkii ilaaluudhaan ragaalee adda addaa akka salphaatti argachuun ni danda'ama.

Gocha 7.2

Barattoonni 17 fedhiin isaanii gaafatamee 6 kubbaa miilaa, 5 kubbaa saaphanaa, 4 kubbaa kaachoofti 2 immoo teenisii taphachuu fedhu. Daataa kana taaliifi lakkoofsaan gabatee irratti gareen ta'uun ibsa.

Fakkeenya 2

Gabatee armaan gadii keessatti mallattoon urjii tokko lukkuu 3 bakka bu'a yoo ta'e,

- Daraareen lukkuu meeqa qabdi?
- Boonaan lukkuu meeqa qaba?
- Ida'aamni lukkuu Damee, Abdii, Boonaafi Daraaree meeqa?
- Caalmaan lukkuu Boonaafi Daraaree meeqa ta'a?

Maqaa	Kormaa Handaaqqoo
Damee	
Abdii	
Boonaa	
Daraaree	

Furmaata

- urjiin tokko lukkuu 3 bakka bu'a waan ta'eef; Daraareen lukkuu 3 qabdi.
- urjiin tokko lukkoota 3 bakka bu'a waan ta'eef; Boonaan lukkuu 12 qaba. Kunis, $3 + 3 + 3 + 3 = 12$.

c. Ida'aamni lukkuu Dameefi Abdii = $9 + 6 + 12 + 3 = 30$

d. Caalmaan lukkuu Boonaafi Daraaree meeqa ta'a = $12 - 3 = 9$

Gilgaala 7.2

- Ogeessi mana kitaabaa tokko kitaabilee wabii gara garaa mana kitaabaa keessa jiran kan agarsiisu giraafii fakkii akka armaan gadiitti qopheesse

Baay'ina Kitaabilee Wabii mana Kitaabaa Keessa Jiran	
Afaan Oromoo	
Afaan Ingiliizii	
Saayinsii Naannoo	
Herrega	
Og-Aartii	

Mallattoon  tokko = Kitaabilee 10 bakka bu'a.

Giraafii fakkii kana irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

- Kitaabilee wabii Afaan Ingilizii meeqatu mana kitaabichaa keessa jira?
 - Kitaabilee wabii Herregaa meeqatu mana kitaabichaa keessa jira?
 - Kitaabileen wabii baay'inaan guddaa ta'e kami?
 - Kitaabileen wabii baay'inaan xiqqaa ta'e isa kami?
- Giraafiin fakkii armaan gaditti kenname oomisha midhaanii obbo Ejjetaan bara 2012 argatan agarsiisa.


Hubachiisa: Tokkoon  = kuntaala 2 bakka bu'a

Gosa Midhaanii	Baay'ina Kuntaalaan
Qamadii	☐ ☐ ☐
Boqqolloo	☐ ☐ ☐ ☐ ☐
Baaqelaa	☐
Xaafii	☐ ☐ ☐ ☐ ☐ ☐
Garbuu	☐ ☐ ☐ ☐

3. Tokkoon tokkoo gosoota midhaanii kuntaalaan meeqa meeqatu argame?
- Gosti midhaan kuntaala baay'een argame kami?
 - Gosti midhaan kuntaala xiqqoon argame kami?
 - Qamadii fi Garbuu keessaa kuntaala baay'een kan argame kami?
 - Gosoota midhaanii shanan irraa walumatti kuntaala meeqatu argame?

BOQONNAA

8



DANAALAA JI'OOMEETIRII

8. 1 Hojiirra Oolmaa Dalgafuggifamaa, Sochoosuufi

Naannessuu Verteeksota Danaalee Hubachuu

A. Dalgafuggifamaa

Gocha 8.1

Daawwitii wayita of-fuundura qabdu qaamni kee yookiin fuulli kee akkamitti sitti


Mul'ata? Hiriyyaa keetiif himi.

Dalgafugifamaa: Jechuun balaqqeessa'uu danaalee sarara irrattii jechuu dha.


Fakkeenyaaf yeroo daawwitii fuula dura dhaabbannu fakkiin keenya fageenya daawwitii irra walqixa irratti kan nutti mul'atu jechuu dha.

Fakkeenya 1

Fuula daawwitii keessaan darbee fakkii fuulaa armaan gadii ilaali.



Fakeenya 2: Fakkii armaan gadii ilaali



Gilgaala 8.1

Danaalee armaan gadii sarara kenname irratti dalgafuggifamaa isaanii kaasi.




B. Sochoosuu

Gocha 8.2

Sachoosuu jechuun maal jechuu dha? Waan beektu hiriyyaa keetiif himi. Sana booda barsiisaa/tuu keetti himi.


Sochoosuu: Jechuun danaalee yookiin fakkii tokko fageenya murtaa'aa irratti sochoosuu jechuudha.

Fakkeenya 3: Fakkii armaan gadii ilaali.




Fakkeenya 4

Fakkii armaan gadii irraa yoo ilaalle bakka jiru irraa fageeny murta'aa fuul duratti siquu isa ilaalla.



Gilgaala 8.2

Danaalee armaan gadiitiif sarara kenname irratti danaa sochoosuun argamu kaasi.



C. Naannessuu


Gocha 8.3

Naannessuu danaalee jechuun maal jechuu dha? Hiriyyaa kee waliin mari'adhu.


Naannessuu: Jechuun danaalee handhuura murta'aa irratti naannessuu jechuudha.

Fakkeenya 5

Fakkii kana irraa si'a tokko isa bitaa irra jiru kallattii xiyyi agarsiisuun yoo naannessite danaa gara mirgaa jiru argatta.





Fakkeenya 6: Danaaleen armaan gaditti mul'atan danaalee gara bitaa jiran al tokko gara mirgaatti naannessuun kan argamaniidha.




Gilgaala 8.3

1. Kanneen armaan gadii fakkii naannessuun argamuu danda'u bakka duwwaa karaa harka mirgaa jiruu irratti kaasi.

a. 		b. 	
c. 		d. 	

2. Fakkiiwwan armaan gadii sarara irratti naannessuun danaa argamu kaasi.

**8.2 Boca Sarara Saayimeetiriikiifi Alsaayimeetiriikii****Gocha 8.4**

1. Waraqaa rektaangulaawaa ta'e iddoo lamatti yoo dachaafta sararri uumamu sarara maalii jedhama?
2. Bocni danaalee saayimeetirikii hin taane boca maalii jedhama?

Hiikoo**Boca Saayimeetirikii**

Boca sarara saayimeetirikii qabu jechuun danaan tokko sarara irratti walitti dacha'ee gama lamaanuu tuqaaleen danaa sana irra jiran guutummaa guutuutti kan walirra


oolan yoo ta'edha. Sararri isaan irratti walitti dachaa'an immoo **sarara saayimeetirikii** jedhama.

Boca alsaayimeetirikaawaa


Bocinni danaalee saayimeetirikawaa hin taane boca **alsaayimeetirikaawaa** jedhama. Bocni alsaayimeetirikii yeroo sarara irratti walitti dachaa'an guutumma guutuutti kan walirra hin oolledha.

Fakkeenya 7

Kanneen armaan gadii danaalee saayimeetiriikawaafi alsimeetrikawaadha.




Boca Sarara Saayimeetirikii




Boca Sarara Alaayimeetirikii

Fakkeenya 8: Danaalee saayimeetiriikawaafi alsaayimeetirikawaa.




Danaalee Saayimeetiriikawaa



Danaalee Alsaayimeetirikii


Yaadadhu! Danaan tokko sarara saayimeetirikii tokkoof isaa ol qabaachuu ni danda'a.

Fakkeenya 9: Kanneen armaan gadii sarara saayimeetirikii lamaaf isaa ol kan qabanii dha.




Gilgaala 8.4


1. Bocoota armaan gadii irraa saayimeetirikawaafi alsaayimeetirikaawaa adda baasi.



2. Bocootni armaan gadii sarara saayimeetiriiki meeqa meeqa akka qaban bakka duwwaa jalatti siif kenname irratti guuti.



3. Bocoota armaan gadiif sarara saayimeetirikii isaan qabaachuu danda'an hunda sararuun agarsiisi.



8.3 Maqaa Danaalee Ji'oomeetirikaawaa Adda Addaa


Baay'ina Rogaatiin Adda Baasuu

Danaalee ji'oomeetirikaawaa beekamoon danaalee ji'oometirikaawa diriiroo fi daalee ji'oometirikaawa jaboo jedhamuun beekamu.

8.3.1 Maqaa Ji'oomeetirii Rogbaay'ee Diriiroo

Gocha 8.5

Danaalee armaan gadii baay'ina rogoota isaanii jalatti barreessi



Rogbaay'een: Daandii cufamaa salphaa yoo xiqqaate sararoota dhaabbataa sadiifi isaa ol irraa ijaaraman jechuudha.

Isaanis, maqaalee adda ta'an garaa garaatiin kan waamamniidha.


Fakkeenya 10

Maqaa rogbaay'eefi baay'ina rogoota isaanii.

Maqaa Rogbaay'ee	Baay'ina Rogootaa
Rogsadee	3
Rogafree	4
Peentaagoonii	5
Heksaagoonii	6
Heptaagoonii	7
Oktaagoonii	8
Nonaagoonii	9
Dekkaagoonii	10


Yaadadhu: Sararri qajeelaan diriiroo rogbaay'een irra ijaarame **roga** jedhama. Iddoon rogoonni lama itti wal-tuqan immoo **kofa** jedhama.

Fakkeenya 11: Rogsadee armaan gadii ilaali.




Gilgaala 8.5

Kanneen armaan gadii maqaa isaaniifi baay'ina rogoota isaanii itti barreessi.

	Maqaa rog baay'ee: _____ Baay'ina rogootaa: _____
	Maqaa rog baay'ee: _____ Baay'ina rogootaa: _____
	Maqaa rog baay'ee: _____ Baay'ina rogootaa: _____
	Maqaa rog baay'ee: _____ Baay'ina rogootaa: _____
	Maqaa rog baay'ee: _____ Baay'ina rogootaa: _____





8.3.2 Ji'oomeetirii Jaboo**Gocha 8.6**

Danaalee ji'oomeetirii armaan gadii keessaa danaalee jaboo adda baasaa.



Fakkeenya 12


Kanneen armaan gaditti mul'atan danaalee ji'oomeetirii jaboodha.

Danaalee Jaboo Adda Addaa					
					
Kiyuubii	Koonii	Siliindarii	Piraamidii	Piriizimii	Isfiirii


Fuulaafi varteeksii danaalee ji'oomeetirii jaboo.

Danaalee ji'oomeetirii jaboon baay'een isaanii fuulaafi varteeksii kan qaban yoo ta'u kaan isaanii immoo kan varteeksii hin qabnes ni jiru.

Fakkeenya 13




Fakkeenya 14




Hubadhu: Isfiiriifi Siliindariin varteeksii hin qaban. Garuu fuula ni qabu.

Fakkeenya 15



Gilgaala 8.6

Danaalee armaan gadiif bakka duwwaa kenname irratti baay'ina fuulafi varteeksota isaanii barreessi.

					
Fuula ____ Varteeksii ____	Fuula ____ Varteeksii ____	Fuula ____ Varteeksii ____	Fuula ____ Varteeksii ____	Fuula ____ Varteeksii ____	Fuula ____ Varteeksii ____

8.4 Amaloota Danaalee Ji'oomeetirikii Himuufi Irra

Deebi'uun Qindeessuu


A. Amaloota Rogsadootaafi Rogafreewwanii

Gocha 8.7

1. Amaloota rogsadoonni qaban gareen erga mari'attanii booda barsiisaaf hima.
2. Kutaa ati itti barattu keessa boca roga free wantoota qaban barsiisaa keef himi.

Rogsadoonni rogoota sadiifi kofoota sadii kan qabanii dha. Roga irratti hundaa'uun bakka sadiitti qodamu. Isaanis:

1. Rogsadee iskeelenii,
2. Rogsadee ayisoosilasiifi
3. Rogsadee ikkulaataraalii jedhamuun beekamu

Rog-sadee Iskeelenii	Rog-sadee Ayisoosilasii	Rog-sadee Ikkulaataraalii
		
Rogoonni 3'n walqixa kan hin taane. Kofoonni 3'n walqixa kan hin taane.	Rogoonni 2 walqixa. Kofoonni 2 walqixa.	Rogoonni 3'n walqixa. Kofoonni 3'n walqixa.

Rogafreen rogoota afuriifi kofoota afur kan qaban ta'anii gosoota garaagaraatu jiru.





Isaanis:

1. Paraleelloogiraamii
2. Rektaangilii
3. Iskuweerii
4. Roombosiifi Tiraappiziyeemii faadha.

Rogaftoota	Amaloota	Boca Danaalee
Paraleelloogiraamii	Rogoonni fuulleen walqixxeedha.	
Rektaangilii	Rogoonni fuulleen walqixxeedha. Kofoonni afran walqixa.	
Iskuweerii	Rogoonni afran walqixa. Kofoonni afran walqixa.	
Roombosi	Rogoonni afran walqixa.	

Gilgaala 8.7

1. Danaalee armaan gadiitiif baay'ina kofoota isaanii bakka duwwaa kenname irratti barreessi.



2. Gosoota rogsadee sadan barreessi.
3. Gosoota rogafree barreessi.

BOQONNAA

9



SAFARA DHEERINA HANGAAFI QABEE

9.1 Dheerina Miiliimeetiraan (mm), Santiimeetiraan (cm), Meetiraa(m)fi Kiilomeetiraan (km) Safaruu

A. Miiliimeetirii (mm) fi Santiimeetirii (cm)

Gocha 9.1

1. Quba harkaa keenya shanan keessaa kamtu irra gabaabaadha?
2. Sarartootti gargaaramuudhaan dheerina sararoota dhaabbatoo kennamanii
Santiimeetirii fi miiliimeetiraan kitaaba irratti safari.
 - a. _____
 - b. _____
 - c. _____

Yaadannoo

Santiimeetirii (cm) fi miiliimeetirii (mm) yuunitoota dheerinaati.

santiimeetirii (cm) fi miiliimeetirii (mm) dheerina gaggabaaboo safaruudhaaf gargaaru.

Fakkeenya 1

- a. Dheerinni qubeessa kennamee meeqa?



Deebii

Dheerinni qubeessa danaa irratti kennamee 16cm dha.

b. Dheerinni dhagaa baatirii meeqa?



Deebii

Dheerinni dhagaa baatirii kennamee 30mm dha.


Hariiroo santiimeetiraafi miiliimeetiraa

Santimeetiriin 1 = Miiliimeetira 10

1cm = 10mm

Gilgaala 9.1

1. Yuunitii miiliimeetiraa(mm) ykn santiimeetiraa(cm) keessaa isa mijatu fayyadamii dheerina wantoota armaan gadii safari.
 - a. Dheerina kitaaba Herrega keessanii
 - b. Dheerina foddaafi balbala daree keessanii
 - c. Dheerina minjaala daree keessa jiruu.
2. Sarartootti gargaaramuudhaan dheerina fakkiwwan kennamanii miiliimeetiraafi santiimeetira keessaa kan mijatutti fayyadamuun safari.



B. Meetiraafi kiiloometira

Gocha 9.2

Kanneen armaan gaditti kennaman safaruudhaaf meetiraafi kiiloometira keessaa kamtu mijata? lama lamaan ta'uudhaan irratti mar'adhaatii deebii gaaffilee armaan gadii barsiisaa/ tuu keessanitti himaa.


- a. Hojjaa keessan.
- b. Fageenya mana keessanii hamma mana barumsa itti barattanii.
- c. Fageenya Finfinnee hamma Adaamaa.
- d. Fageenya daree barnoota keessanii kaasee hamma dirree Ispoortii gidduu jiru.
- e. Dheerina laga Mormor.
- f. Olka'insa gaara Inxooxxoo.

Yaadannoo

1. meetiraa(m)fi kiiloometiriin(km) dheerina gurguddaa safaruudhaaf gargaaru.
2. Hariiroo safara dheerinaa
 - Meetiriin 1= santiimeetira 100
 - Kiiloometiriin 1= Meetira 1000
 - 1m = 100cm fi
 - 1km = 1000m

Gilgaala 9.2

1. Safara dheerinaa kennaman keessaa dheerina fakkiwwan kennamaniitti kan dhiyaatu filadhu.

a. 	b. 	c. 
Balbala manaa	Fageenya Magaalaa Finfinneetii hamma Hoolotaa	Dheerina daa'ima
a. 2cm b. 2m c. 2km	a. 45cm b. 45m c. 45km	a. 50cm b. 50m c. 50km

2. Bakka duwwaa kenname guuti.

a. 100mm = _____ cm

b. 3km = _____ m

c. 900cm = _____ m

d. 4000mm = _____ cm

e. 6000m = _____ km

f. 7m = _____ cm

g. 5m = _____ mm

h. 800mm = _____ cm

9.2 Ida'uufi Hir'isuu Yuunitoota Dheerinaa

Walfakkaatoo Qaban

Gocha 9.3

Fageenyi mana jireenyaa Simboofi mana barumsaa ishee gidduu 150m yoo ta'e, Simboon mana barumsaa geessaa yoo ofirra deebite, waliigala meetira meeqa deemte?

Fakkeenya 2: Ida'amni 3m fi 50m meeqa ta'a?

Furmaata: $3m + 50m = 53m$

Fakkeenya 3: 1km fi 7km meeqa ta'a?

Furmaata: $1km + 7km = 8km$

Fakkeenya 4: Shiboo 12m dheeratu irraa 5m yoo kunne meetira meeqatu nu hafa?

Furmaata: Dheerina safara isa guddaa irraa hir'isuun argama.

Kunis, $12\text{m} - 5\text{m} = 7\text{m}$. Kanaafuu, shiboo 12m irraa 5m yoo kunne 7m nuhafa

Gilgaala 9.3

1. Kanneen armaan gadii shallagi.

a. $60\text{ cm} + 100\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

b. $56\text{cm} + 44\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

c. $32\text{km} - 30\text{km} = \underline{\hspace{2cm}}$


d. $92\text{cm} - 24\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

e. $324\text{m} + 656\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$

f. $830\text{m} - 460\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$

2. Gammachuun karaa 40km fagaatu deemuu barbaade. Konkolaataadhaan 35km deemee kan hafe miilaan yoo deeme; fageenyi inni miilaan deeme barbaadi?

9.3 Safara Hangaa Miiliigiraamii, Giraamii, Kiiloogiraamiifi Kuntaalaan Safaruu



A. Miiliigiraamiifi Giraamii

Gocha 9.4

1. Yuunitoota safara adda addaa beektu hiriyyaa keetti himi.
2. Hangi namaa maaliin safarama?
3. Hanga wantoota armaan gaditti kennamanii safaruuf miliigiraamii, giraamii, kiiloogiraamiifi kuntaala keessaa kan mijatu himi.
 - a. Hanga qubeelaa.
 - b. Hanga qubeessa tokkoo.
 - c. Hanga sangaa tokkoo.
 - d. Hanga kitaaba herregaa keessanii.
 - e. Hanga shukkaara konkoolaataan fe'isaa tokko baachuu danda'u.

Yaadadhu: Miiliigiraamii(mg)fi giraamiin(gm) yuunitoota safara hangaa ti.

Miliigiraamiin(mg) hanga wantoota ulfaatinni isaanii baay'ee xiqqaa ta'e safaruuf nu gargaaru.

$$\text{Giraamiin } 1 = \text{Miliigiraamii } 1000$$

$$1\text{gm} = 1000\text{mg}$$

Giraamiin hanga wantoota ulfaatinni isaanii xiqqaa ta'e safaruuf nu gargaara.

Fakkeenya 5

$$5\text{ gm} = \text{ ______ } \text{ mg ta'a?}$$

Furmaata

Giraamiin 1 = Miliigiraamii 1000 waan ta'eef 5 si'a 1000mg taasisuun arganna.

Kunis, $5 \times 1000\text{mg} = 5000\text{mg}$ ta'a


Kanaafuu, 5gm keessa 5000mg tu jira

B. Kiillogiraamii (kg) fi Kuntaala (ku)

Kiillogiraamiifi kuntaalli yuunitoota safara hangaa ti.



Muuziin
kun 1kg



Shukkaara
Kuntaala 1

Hariiroo kiillogiraamiifi Kuntaalaa

Kiillogiraamiin wantoota ulfaatinni isaanii guddaa ta'e, safaruuf nu gargaara.

Kuntaalli hanga wantoota ulfaatinni isaa baay'ee guddaa ta'e safaruuf nu gargaara.

$$\text{Kiillogiraamiin } 1 = \text{Giraamii } 1000$$

$$\text{Kuntaala } 1 = \text{Kiillogiraamii } 100$$

Fakkeenya 6: 3kun = ______ kg ta'a?

Furmaata

Kuntaalli 1 = Kiiloogiraama 100 waan ta'eef 3 si'a 100kg taasisuun arganna.

Kunis, $3 \times 100\text{kg} = 300\text{kg}$ ta'a

Kanaafuu, 3kuntaala keessa 300kg tu jira.

Gilgaala 9.4

Hanga isa sirrii ta'etti dhiyaatu filadhu.

1.		a. 3kg b. 3gm c. 3mg
2.		a. 2kg b. 2gm c. 2mg
3.		a. 3kg b. 3gm c. 3mg
4.		a. 700kg b. 700gm c. 700mg
5.		a. 10kg b. 10gm c. 10mg

6. Bakka duwwaa guuti.

a. $1\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{mg}$	e. $7\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{mg}$
b. $1\text{kg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{gm}$	f. $5000\text{mg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{gm}$
c. Kuntaala 1 = $\underline{\hspace{2cm}} \text{kg}$	g. Kuntaala 6 = $\underline{\hspace{2cm}} \text{kg}$
d. $10,000\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{kg}$	h. $800\text{kg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{kuntaala}$

9.4 Ida'uufi Hir'isuu Yuunitoota Hanga walfakkaatoo

Qaban

Gocha 9.5

Kanneen armaan gadii shallagi.

- | | |
|---|---|
| a. $85\text{gm} + 53\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{gm}$ | b. $90\text{kg} + 110\text{kg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{kg}$ |
| c. $4000\text{kg} + 60\text{kg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{kg}$ | d. $900\text{gm} - 200\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{gm}$ |
| e. $2000\text{mg} + 2\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{gm}$ | f. $100\text{mg} - 20\text{mg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{mg}$ |

Fakkeenya 7

Hangi hoolaafi re'ee armaan gadii walitti meeqa ta'a?



Furmaata

Hangi re'ee 40kg, hangi hoolaa 50kg

Hanga lamaan isaanii yommuu walitti idaanu, $40\text{kg} + 50\text{kg} = 90\text{kg}$

Kanaafuu, hangi re'eefi hoolaa walitti yommuu ida'amu 90kg ta'a.

Gilgaala 9.5

1. Kanneen armaan gadii shallagi.

- | | |
|---|--|
| a. $800\text{gm} + 500\text{gm} = \underline{\hspace{2cm}} \text{gm}$ | b. $\text{kun } 6 + 400\text{kun} = \underline{\hspace{2cm}} \text{kun}$ |
| c. $500\text{mg} - 300\text{mg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{mg}$ | d. $100\text{kg} - 88\text{kg} = \underline{\hspace{2cm}} \text{kg}$ |

2. Aadde Angaatuun suuqiidhaa shukkaara 6kg, Ruuzii 5kg fi daakuu qamadii 30kg yoo bitan, aadde Angaatuun:

- Shukkaaraafi ruuzii walitti hangam bitan?
- Shukkaaraafi daakuu qamadii walitti hangam bitan?

c. Shukkaara, ruuziifi daakuu qamadii walitti hangam bitan?

3. Dambaliin burtukaana 675kg bittee 395kg yoo irraa gurgurte; burtukaana hammamtu hafaaf?

9.5 Safaroota Qabee Miiliilitiraafi Liitirii

Gocha 9.6

Qabee danaalee armaan gaditti kennaman safaruuf liitiraafi miiliilitira keessaa kamitti gargaaramta?

1.		2.		3.	
4.		5.		6.	

Yaadaannoo

Miiliilitiraa ($m\ell$) fi liitiriin (ℓ) yuunitoota qabee dhangala'oo ti.

Miiliilitirii ($m\ell$) dhangala'aa qabee xiqqaa ta'e safaruuf gargaara.

Liitira (ℓ) dhangala'aa qabee guddaa ta'e safaruuf gargaara.

Liitirii 1 = Miiliilitirii 1000

$1\ell = 1000m\ell$

Gilgaala 9.6

Qabee isa sirrii ta'etti dhiyaatu filadhu.

1.		2.		3.	
	a. ℓ b. $m\ell$		a. ℓ b. $m\ell$		a. ℓ b. $m\ell$

4.		5.		6.	
	a. ℓ b. $m\ell$		a. ℓ b. $m\ell$		a. ℓ b. $m\ell$

Bakka duwwaa guuti.

7. $5\ell = \underline{\hspace{2cm}} m\ell$

9. $1000m\ell = \underline{\hspace{2cm}} \ell$

8. $5000m\ell = \underline{\hspace{2cm}} \ell$

10. $9\ell = \underline{\hspace{2cm}} m\ell$

9.6 Ida'uufi Hir'isuu Yuunitoota Walfakkaatoo Qabee

Fakkeenya 8

Simboon saawwa aannanii qabdi. Guyyaatti aannan si'a lama gurgurti. Ganama 13ℓ gurgurti. Galgala immoo 15ℓ gurgurti yoo ta'e, waliigala guyyaatti liitira meeqa gurgurti?

Furmaata

Simboon guyyaatti aannan hammam akka gurgurtu barbaaduudhaaf kan isheen ganama gurgurtuufi galgala gurgurtu walitti idaana.

Kunis, $13\ell + 15\ell = 28\ell$.

Kanaafuu, ganamaafi galgalatti aannan 28ℓ gurgurti.

Gilgaala 9.7

1. Kanneen armaan gadii shallagi.
 - a. $20\ell + 25\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
 - b. $30m\ell - 15m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
 - c. $80m\ell + 30m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
 - d. $90\ell - 10\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
2. Bishaan $900m\ell$ joogii keessa turetti, $250m\ell$ yoo itti dabalte miiliiliitira meeqatu joogii keessa jira?
3. Ayyaantuun Zayitii 25ℓ bitte keessaa 9ℓ haadha isheef yoo irraa kennite zayitii liitira meeqatu hafeef?
4. Caaltuun boba'aa 478ℓ qabdu keessaa 239ℓ tti yoo fayyadamte, kuusaa boba'aa keessatti liitira meeqatu hafeef?
5. Aadde Boontuun aannan namoota sadiif kontiraata kenniti. Yeroo hundumaa ganama ganama Loomiin aannan 3ℓ , Fayyineen 2ℓ fi Qajeelaan 4ℓ fudhatu yoo ta'e,
 - a. Eenyutu aannan caalaa fudhata?
 - b. Eenyutu aannan xiqqaa fudhata?
 - c. Kan baay'ee fudhatu isa xiqqaa fudhatu meeqaan caala?

9.7 Pirobileemota Jechaa Qabatamaa Safara Dheerinaa, Hangaafi Qabee

Fakkeenya 9

Abdiin fageenya $2km$ fiige. Hiriyyaan isaa immoo $500m$ fiige. Caalmaan fageenya fiigichaa isaan giddu jiru meeqa?

Furmaata

Fageenya Abdiifi hiriyyaan isaa fiigan walirraa hir'isuun arganna.

Kunis, $2km = 2000m$ waan ta'eef $2000m - 500m = 1500m$ ta'a.

Kanaafuu, caalmaan isaanii $1500m$ ta'a.

Gilgaala 9.8

1. Korojoo Roobaa 5kg fi 75gm ulfaata. Korojoo Aannanee immoo 7kg fi 20gm ulfaata. Korojoo eenyuutu caalaa ulfaata?
2. Barmeelli tokko bishaan 1000 ℓ qabata. Barmeelli kun bishaan 450 ℓ qabatee jira yoo ta'e, bishaan liitira meeqa yoo itti dabalame guutuu danda'a?
3. Caalaan biskileetii isaa guyyaatti 8km oofa. Guyyaatti meetira meeqa oofa?
4. Obseen guyyoota lamatti bishaan 15 ℓ fayyadamti. Guyyoota torbanii hafanitti immoo 27 ℓ fayyadamti. Torbanitti bishaan liitira meeqa fayyadamti?
5. Dheerinni daa'imman lamaa 44cm fi 35cm. Caalmaan dheerina isaan gidduu jiruu santiimeetira meeqa ta'a?

BOQONNAA 10



SHARAFA ITOOPHIYAA

10.1 Yuunitoota Sharafa Jijjiiruu

10.1.1 Hariiroo Noottiiwwanifi Dinaarota Itoophiyaa

Gocha 10.1

Hariiroo noottiiwwanifi dinaarota Itoophiyaa irratti mari'adhaati walitti dhufeenya isaan gidduu jiru dabaree dabareen ibsa.

Hariiro armaan gadii hubadhu!

Saantimni 100 = Qarshii 1

Qarshii 100 = Noottii abbaa dhibbaa 1



Dinaarota



Noottiiwwan

10.1.2 Fakkiwwan Dinaarotafi Noottota Maallaqa

Itoophiyaa

A. Fakkiwwan Dinaarota Maallaqa Itoophiyaa



Saantima abbaa 1



Saantima abbaa 5



Saantima abbaa 10



Saantima abbaa 25



Saantima abbaa 50



Saantima abbaa Qarshii 1

Fakkeenya 1

Fakkii dinaara qarshii 1 fi hariiroo saantimoota gidduu irratti dhiyaate ilaali.

Fakkii dinaara abbaa qarshii 1				
	 	Saantima abbaa 5 meeqa qaba? Furmaata 20 qaba.	Saantima abbaa 10 meeqa qaba? Furmaata 10 qaba.	Saantima abbaa 25 meeqa qaba? Furmaata 4 qaba
				Saantima abbaa 50 meeqa qaba? Furmaata 2 qaba

B. Fakkiwwan Noottota Maallaqa Itoophiyaa



Nootii abbaa qarshii 5



Noottii abbaa qarshii 10



Nootii abbaa qarshii 50



Noottii abbaa qarshii 100



Noottii abbaa qarshii 200



Fakkeenya 2

Fakkii noottii abbaa 200 tokkoofi hariiroo noottiwwan biroo wajjin dhiyaate ilaali.

Fakkii noottii abbaa qarshii 200	Noottii abbaa qarshii 5 meeqa qaba? Deebii: 40	Noottii abbaa qarshii 10 meeqa qaba? Deebii: 20	Noottii abbaa qarshii 50 meeqa qaba? Deebii: 4	Noottii abbaa qarshii 100 meeqa qaba? Deebii: 2

Gilgaala 10.1

1. Kanneen armaan gadii fakkiiwwan noottii qarshii kennamanii irratti hundaa'un deebisi.

a.



Noottiin abbaa dhibba 1 noottii abbaa 50 meeqa qaba?

b.



Noottiin abbaa shantamaa 1 noottii abbaa 10 meeqa qaba?

c.



Noottiin abbaa shanii dinaara qarshii 1 meeqa qaba?

d.



Dinaariin qarshii 1dinaara abbaa Saantima 1 meeqa qaba?

2. Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti

- a. Noottiin abbaa dhibbaa 1, noottii abbaa 5 _____ ta'a.
- b. Noottiin abbaa shantamaa 3, noottii abbaa 10 _____ ta'a.
- c. Noottiin abbaa kudhanii 1, dinaara abbaa 50 _____ ta'a.
- d. Noottiin abbaa shanii 1, dinaara abbaa 25 _____ ta'a.
- e. Noottiin abbaa shanii 1fi dinaarri abbaa qarshii 1, dinaara abbaa 50 _____ ta'a.

3. Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.

- a. Qarshiin 3 dinaara abbaa 25 _____ ta'a.
- b. Qarshiin 10 dinaara abbaa 50 _____ ta'a.
- c. Qarshiin 5 dinaara abbaa 10 _____ ta'a.
- d. Qarshiin 2 dinaara abbaa 5 _____ ta'a.

10.2 Pirobileemii Jechaa Qabatamaa Sharafa Itoophiyaa

Fayyadamuun Furuu

Fakkeenya 3: Sandaabeen dabtara 1 qarshii 12'n bitte. Qarshii 48'n dabtara meeqa bitti?

Furmaata: Qarshii 48 gatii dabtara 1'f hiruun argatta.

Kunis, $48 \div 12 = 4$ ta'a. Kanaafuu, dabtara 4 bitti jechuu dha.

Fakkeenya 4: Biiftuun qubeessa 1fi qalama 2 bittee qarshii 30 kaffalte. Noottii qarshii kudhanii meeqa kaffalte jechuu dha?

Furmaata: Qarshiin 30'n noottii qarshii 10 sadii ofkeessaa qaba.

Kanaafuu, noottii abbaa qarshii kudhanii 3 kaffalte jechuudha.

Fakkeenya 5: Urgeessaan qarshii 100 kiisii isaa keessa qaba. Noottii qarshii 5 meeqa qabaa?

Furmaata: Qarshii 100 kana shaniif hiruun argachuu dandeessa.

Kunis, $100 \div 5 = 20$ ta'a. Kanaafuu, noottii qarshii abbaa shanii 20 qaba jechuudha.

Fakkeenya 6: Ganameen qarshii 20 fi saantima 75'n halluu qeensaa, noottii qarshii abbaa 10 sadiin immoo dabtaraa 2 bitatte. Waliigala, qarshii meeqa fayyadamte?

Furmaata

Noottii abbaa qarshii kudhanii 3 jechuun qarshii 30 jechuu dha.

Kanaafuu, qarshii 20 fi saantima 75'n + qarshii 30 = qarshii 50 fi saantima 75.

Gilgaala 10.2

1. Bakka duwwaa gaaffilee gabatee armaan gadii keessatti kennamanii deebii sirrii ta'een guuti.

a.



Qarshii meeqa? _____

b.



Qarshii meeqa? _____

c.



Qarshii abbaa 10 fi dinaara
qarshii abbaa 1 meeqa
sibarbaachisa? _____ fi _____

d.



Qarshii abbaa 200, qarshii abbaa 100, qarshii
abbaa 10, qarshii abbaa 5 fi saantima abbaa 25
meeqa sibarbaachisa? _____, _____, _____, _____ fi _____

e.



Noottii qarshii 10, _____?
qarshii 5, _____?

f.



Qarshii abbaa 100, _____? qarshii 50, _____? qarshii
10, _____? qarshii 1, _____? Saantima 10, _____?

2. Gabatee armaan gadii fakkeenya jalqabaa hordofuun dinaarota saantimaa 100 taasisuu danda'aniin guuti.

						
a	Dinaarota 5 fayyadamuun		1	2	1	1

Herrega Kitaaba Barattootaa Kutaa 3

b	Dinaarota 6 fayyadamuun					
c	Dinaarota 7 fayyadamuun					
d	Dinaarota 10 fayyadamuun					
e	Dinaarota 12 fayyadamuun					
f	Dinaarota 24 fayyadamuun					

3. Dabtara darzana 1 qarshii 188tu bita. Tolaan noottii abbaa 200 tokko keessa dabbara darzana 1bitee noottii abbaa 10 fi dinaara qarshii 1meeqa deebii qaba?
4. Dammeen akka kophee bitattuuf abbaan ishee noottii abbaa 200 tokko kennaniif. Qarshii 150 kophee yoo bittee, qarshii meeqatu deebi'aaf?

BOQONNAA

11



2:30

7:00

SAFARA YEROO ITOOPHIYAA

11.1 Sa'aatii Dubbisuu


Gocha 11.1

Fakkiiwwan sa'aatii armaan gadii irraa sa'aatii meeqa akka ta'e dubbisii hiriyyaa keetiif barreessuun himi.



Hubadhu! 1. Yeroo dubbisuuf sa'aatiitti gargaaramna

2. Sa'aatiin 1 daqiiqaa 60.



Xiyyi daqiiqaa lakkaa'u 12 irraa ka'ee yoo 1 irra gahe, daqiiqaa shan deema. Haaluma walfakkaatuun, sochii xiyya daqiiqaa lakkaa'uun, daqiiqaa shaniin lakka'uun sa'aatii himuun ni danda'ama.

Fakkeenya 1: Fakkiin kun sa'aatii 3f daqiiqaa 25 agarsiisa. Innis, 3: 25




Fakkeenya 2: Fakkiin kun sa'aatii 8 agarsiisa. Innis, 8: 00



Gilgaala 11.1

1. Sa'aatii armaan gaditti kenname dubbisii iddoo duwwaa irratti barreessi.



2. Fakkiwwan sa'aatii kennaman armaan gadii dabtara keerratti fakkeessuun sa'aatii jalatti kenname kan agarsiisu xiyya sa'aatiifi daqiiqaan agarsiisi.

a.	b.	c.	d.
9.25	2.35	7.05	3.10

3. Xiyyi sa'aatii lakkaa'uu 12 irraa ka'ee 1 irra yoo gahe sa'aatii meeqa ta'eera jenna?
4. Xiyyi daqiiqaa lakkaa'uu 12 irraa ka'ee 1 irra yoo ga'e daqiiqaa meeqa darbeera jenna?
5. Xiyyi sa'aatii lakkaa'u 12 irraa ka'ee 1 irra yoo gahe inni daqiiqaa lakkaa'u daqiiqaa meeqa lakkaa'e?

11.2 Sa'aatiifi Daqiiqaa

Gocha 11.2

Sa'aatii dhaaba manarraa erga ilaalanii booda, Magartuun sa'aatii 10:40 ta'uu himte. Galgaloon immoo sa'aatii kudha tokko ta'uuf daqiiqa digdama hafa jedhe.

Akkaataan ijoolleen kun sa'aatii itti dubbisan garaa garaagarummaa qabaa? Irratti mari'adhaa.

Hubadhu

Hariiroon sa'aatii fi daqiiqaa akka armaan gadii ta'a.

$$\text{Sa'aatiin 1} = \text{Daqiiqaa 60}$$

Sa'aatii daqiiqaatti jijjiiruudhaaf, sa'aatii kenname 60n baay'isi.

Daqiiqaa sa'aatitti jijjiiruuf, daqiiqaa kenname 60' f hiri.

Fakkeenya 3: Sa'aatiin 2 = Daqiiqaa _____ dha.

$$2 \times 60 = \text{Daqiiqaa 120, Kanaafuu, sa'aatiin 2 daqiiqaa 120}$$

Fakkeenya 4: Daqiiqaa 180 = sa'aatii ____ ta'a.

$$\text{Daqiiqaa 180} = \text{daqiiqa 60} + \text{daqiiqa 60} + \text{daqiiqa 60}$$

$$= \text{sa'aati 1} + \text{sa'aati 1} + \text{sa'aati 1}$$

$$= \text{sa'aatii 3 ta'a. Yookiin } 180/60 = 3$$

Gilgaala 11.2

1. Gabatee armaan gadii fakkeenya kennameerratti hunda'uun kan hafe guuti

Sa'aatii	1	2		4	5
Daqiiqaa	60		180		

2 Sa'aatii himaan kenname armaan gadii lakkofsaan barreessi.

- Sa'aatii sagal kurmaana hir'uu.
- Sa'aatii lama shan hir'uu.
- Sa'aatii kudhaniifi digdama.
- Sa'aatii tokko daqiiqaa digdamii shan hirruu.

3. Wayitiin barumsaa ganamaa sa'aatii 4 fudhata. Sa'aa Boodaa immoo

sa'aatii 2 fudhata. Guyyaan barnootaa tokko akka waliigalaatti sa'aatii meeqa fudhata?

4. Mul'ataan hojii manaa barnoota herregaa hojjechuuf daqiiqaa 25 itti fudhata. Akkasumas, hojii manaa saayinsii hojjechuuf daqiiqaa 15 yoo itti fudhate hojii manaa isaa hojjetee fixuuf daqiiqaa meeqa itti fudhata?
5. Galatoon qormaata isaa hojjetee xumuruuf daqiiqaa 38 itti fudhate. Robeeraatti immoo daqiiqaa 45 fudhate. Galatoon daqiiqaa meeqaan Roobeeraa dursee xumure?

11.3. Guyyaa, Torban, Ji'aafi Wagga

11.3.1 Hariiroowwan yuuniitota safara yeroo

Gocha 11.3

Guutaan har'a waggaa 1^{ffaa} guyyaa dhaloota isaa kabajata.

- a. Guutaan erga dhalatee ji'a meeqa?
- b. Guutaan erga dhalatee torban meeqa?

Hariiroowwan yuuniitota safara yeroo akka armaan gadiitti ibsama.

Sa'aatiin 1 = Daqiiqaa 60	Jiini 1 = Guyyoota 30
Guyyaan 1 = sa'aatii 24	Waggaan 1 = Torban 52
Torbaan 1 = Guyyoota 7	Waggaan 1 = Ji'oota 12
	Jini 1 = Torban 4

Fakkeenya 5: Guyyaan 2 sa'aatii meeqa qaba?

Furmaata: Guyyaan 1 sa'aatii 24 qaba.

$$\text{Kunis, } 2 \times 24 = 48$$

Kanaafuu, guyyaan 2 sa'aatii 48 qaba.

Fakkeenya 6: Guyyaan 7 sa'aatii meeqa qaba?

Furmaata: Guyyaan 1 sa'aatii 24 waan qabuuf, $7 \times 24 = 168$

Kanaafuu, guyyaa 7 sa'aatii 168 qaba.

Fakkeenya 7: Jiini 6 torbanoota meeqa qaba?

Furmaata: Jiini 1 torbanoota 4 waan qabuuf, $4 \times 6 = 24$

Kanaafuu, torbanoota 24 qaba.

Gilgaala 11.3

1. Jiituufi hiriyyoottan ishee sa'aatii 1 'f taphachaa turan. Daqiiqaa meeqa tapharra turan?
2. Daraartuun turtii torban lamaaf akkoo ishee gaaffachuu gara magaalaa Moojoo deemte. Daraartuun guyyaa meeqa magaalaa Moojoo turte?
3. Waggaa tokko keessatti wayitiin barnootaa ji'a 10. Wayitiin barnoota waggaa 1 torbaan meeqa ta'a?
4. Waggaan lama ji'oota meeqa qaba?
5. Jiini 36 waggoota meeqa ta'a?
6. Torbaan 156 waggoota meeqa?

11.4 Kalaandarii Itoophiyaa Salphaa**Gocha 11.4**

1. Kalaandariin Itoophiyaa ji'oota meeqa qaba?
2. Kalaandariin Itoophiyaa ji'a maalii irraa eegala?
3. Ji'oota Itoophiyaa hunda jalaqaba irraa ka'uun tartiibaan barreessi.

Yaadannoo!

Kalaandariin Itoophiyaa ji'oota 13 kan qabuu dha. Ji'oonni 12 guyyoota 30 kan qaban yeroo ta'u, jiini 13^{ffaa} 'n guyyoota 5 kan qabu ta'ee waggaa 4 booda immoo guyyoota 6 kan qabuu dha.

Kalaandariin Itoophiyaa kan eegalu ji'a Fulbaanaa irraati.

Gilgaala 11.4

Kalaandarii armaan gadii ilaaluun gaaffilee itti aananii siif dhiyaatan deebisi.

Waxabajjii 2003						
Dilbata	Wiixata	Kiphxata	Roobii	Kamisa	Jimaata	Sanbata
			1	2	3	4
5	6	7	8	9	10	11
12	13	14	15	16	17	18
19	20	21	22	23	24	25
26	27	28	29	30		

1. Akka kalaandarii kennameetti guyyaan jalqabaa ji'a kanaa guyyaa kam irra oola?
2. Akka kalaandarii kennameetti guyyaan dhuma ji'a kanaa guyyaa kam irra oola?
3. Akka kalaandarii kennameetti guyyaan dilbataa inni jalqabaa ji'a kanaa meeqa?
4. Jiini Waxabajii 2003tti aanee dhufu Adoolessa 2003 ta'a. Akka kalaandarii armaan oliitti jiini adoolessaa 2003 guyyaa maalii jalqaba?

11.5 Piroobileemii Jechaa Qabatamaa Safara Yeroo

Itoophiyaa Keessatti Furuu

Fakkeenya 8

Galaanaan Gobbaa ka'ee miilaan sa'aatii 9: 00tti Roobee gahe. Sa'aatii 2 itti fudhate yoo ta'e, Galaanaan sa'aatii meeqatti Gobbaa ka'e?

Furmaata

Kennama: Sa'aatii ga'umsaa = 9: 00, sa'aatii itti fudhate = sa'aatii 2

Kan barbaadamu: Sa'aatii ka'umsaa?

Shallaggii

Sa'aatii ka'umsaa = sa'aatii gahumsaa – sa'aatii itti fudhate = 9: 00 – 2: 00 = 7: 00

Kanaafuu, Galaanan sa'aatii 7: 00tti Gobbaa ka'e jechuudha.

Gilgaala 11.5

1. Jaallanneen sa'aatii 12:30 irratti irbaata bilcheessuu eegalte. Bilcheessitee xumuruuf sa'aatii 1:30 itti fudhate. Jaallanneen sa'aatii meeqatti xumurte?
2. Tolasheen ganama sa'aatii 1: 40tti mooraa mana barumsaa ishee seenteetti. Barumsi kan eegalu sa'aatii 2: 30 irratti. Tolasheen daqiiqaa meeqa dursitee argamte?
3. Jabeessaan sa'aatii 11: 00tti buufata baaburaa gahe. Achi gahuuf sa'aatii 1 itti fudhate. Jabeessaan sa'aatii meeqatti deemsa gara buufata baaburaa eegale?
4. Lammeessaan mana akkoo isaa dhaquuf sa'aatii 3: 30tti deemsa eegale. Sa'aatii 3 yoo itti fudhate sa'aatii meeqatti achi gahe?
5. Kalaandarii Itoophiyaa armaan gadii irratti hundaa'ii gaaffilee itti aananii siif

dhiyaatan deebisi.

Adoolessa 2013						
Dilbata	Wiixata	Kiphxata	Roobii	Kamisa	Jimaata	Sanbata
				1	2	3
4	5	6	7	8	9	10
11	12	13	14			

- Guyyaan dhaloota Gaaddisee Adoolessa 17 yoo ta'e, guyyaa maalii dhalatte?
- Adoolessi 30'n guyyaa maalii irra oola?
- Akka kalaandarii armaan oliitti Waxabajjii 30'n guyyaa maaliirra oola?
- Gareen diraamaa mana barumsaa kootii yeroo hundumaa torban torbaniin guyyaa kamisa walga'u. Ji'a Adoolessaa kana keessa guyyaa meeqa walga'uu danda'u?
- Guyyaan Roobii jalqabaa ji'a Hagayyaa meeqa ta'a?
- Guyyaan kamisaa sadaffaan meeqa ta'a?